



Hirmaattota marichaa keessaa

# Marii Biyyaalessaa dawaa dhibee siyaasa biyyattii fayyisu

Natsaannat Taaddasaatiin

**Finfinnee:** Mariin Gumii Balal Marsaa 33ffaan mataduree ‘Marii Biyyaalessaa: Carraafi Yaaddoowwan Jiran’ jedhuun kaleessa Waajjira Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatti adeemsifameera.

Hogganaa Biiroo Kominikeeshinii Oromiyaa Obbo Hayiluu Addunyaa, Ministir De’eetaan Tajaajila Kominikeeshinii Mootummaa RFDI Obbo Kabbadaa

Gara fuula 11 tti



Obbo Garasuu Tufaafi Doktor Roobaa Pheexiroos (mari’achiistota)



**“Miseensummaan garee ‘BRICS’ guddina dinagdee Itoophiyaaf shoorra olaanaa taphachuu danda’a”**

- Doktor Lammaa Guddisaa

Taammiruu Raggasaatiin

**Finfinnee:** Itoophiyaan miseensummaa garee BRICS’rraa gama guddina dinagdeetiin faayidaa olaanaa argachuu akka dandeessu Haayyuun Dinagdeefi Pirezidaantii Ittaanaan Yunivarsiitii Siivil Sarvisii Itoophiyaa Doktor Lammaa Guddisaa ibsan.

Gara fuula 13tti



## Bara 2016 irraa kaasee akaakuuwwan barnootaa haaraa sadii Oromiyaatti ni kennamu

- Oromiyaafi Tigraayitti hojii baruufi barsiisuutiif qophiin taasifamaa jira

fuula 13

## Gumaacha Wiirtuu Misooma Beeladaafi Hayyoomaa gabaa ayyaanaa tasgabbeessuu keessatti

Charinnat Hundeessaatiin

**Finfinnee:** Ayyaanni Qaam’ee ykn bara haaraa dhiyaachaa waan jiruuf gabaafi dhiyeessiiin waantota ayyaanichaaf barbaachisani tokko tokkoo maal akka fakkaatan mil’achuuf Kamisa darbe Wiirtuu Misooma Beeladaafi Hayyoomaa Finfinnee, Kutaa Magaalaa Aqaqii Qaallittiiti argamutti gorree turre.

Magaalaa Shaggaritti jiraattuu Kutaa Magaalaa Koyyee Facee kan ta’an Aadde Laaqach Bartaa otoo isaan suuqii wiirtichaa hanqaaquu bitaniiti kan isaan arganne.

Gara fuula 13tti



Suurri: Iyyoob Tafaritiin

Wiirtichi gabaa tasgabbeessuu keessatti shoosaa bahachaa jira

# ODUU



Obbo Tasfaayee Gashoo

## Qaala'iinsa gatii gabaa ayyaanaa tasgabbeessuuf omishaaleefi horiin qalmaa mootummaan dhiyaachaa jiru

### Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Godinaaleefi magaalota Oromiyaa hundatti walitti hidhamiinsa gabaa uumuun qaala'iinsa gabaa ayyaanaa tasgabbeessuuf seektarootaafi qoodafudhatoota waliin hojjechaa jiraachuu Biiron Daldalaa Oromiyaa beeksise.

Hogganaa ittaanaan biirichaa Obbo Tasfaayee Gashoo ibsa addatti kaleessa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin, biirichi qaala'iinsa gatii omishaalee gabaa ayyaanaa baranaa tasgabbeessuuf qaamolee dhimmisaa ilaallatu waliin karoora waloo qopheessuun hojjetaa jira jedhaniiru.

Qaala'iinsa gatii gabaa meeshaaleen galtee gabaafi oomishaalee garagaraarratti qaqqabuu danda'u maqsuuf mootummaan akka dhiyaatan taasifamuu ibsaniiru.

Biirichi walitti hidhamiinsa gabaa uumameen midhaan nyaataa gosa garagaraa, meeshaalee bu'uuraa zayitii, sukkaara, kuduraafi muduraa, bu'aawwan indaastirii, beelladaafi bu'aawwan beelladaa godinaaleefi magaalota Oromiyaa hunda keessatti dhiyeessuuf sosochii eegaleera.

Haaluma kanaan garbuu kuntaala kuma 15fi 156, qamadii kuntaala kuma 15fi 089, boqqolloo kuntaala kuma 41fi 288, xaafii kuntaala kuma 29fi 856 waliigala midhaan akaakuuwwan garagaraa kuntaala kuma 101fi 389 akkasumas, kuduraafi muduraa toonii kuma 380fi 962 haaluma walfakkaatuun dhiyeessuuf qopheessuu ibsaniiru.

Dhiyeessii meeshaalee bu'uraan walqabatee zayita nyaataa liitira miliyoona sagaliifi kuma 389fi 896, sukkaara kuntaala kuma 26fi 139 mootummaadhaan akka dhiyaatu himanii; walitti hidhamiinsa gabaa biirichaan uumamuun zayitii nyaataa liitira miliyoona tokkoofi kuma 558fi 834, daakuu qamadii kuntaala kuma 28fi 987 dhiyeessuuf hojjetamaa jiraachuu himaniiru.

Loon gaafaa kuma 119fi 912, hoolaa kuma 85fi 088, re'ee kuma 124fi 099 waliigala loon qalmaa ta'an kuma 329 fi 099 magaalotaafi godinoota Oromiyaatti dhiyeessuuf hojjetamaa jira.

Karoora ba'e milkeessuuf waldaaleen hojii gamtaa, yuuniyeenonniifi daldaltooni karooricha milkeessuuf gumaacha irraa eegamu akka ba'an waamicha dhiyeessaniiru.

Caasaa waajjira daldalaa sadarkaan jiran waliin mar'achuun, oomishoota qonnaafi industirii baazaariin akka dhiyaatan taasisuu, omisha hinjirre bakka jiru waliin walitti hidhuu, to'annoofi hordoffii meeshaalee bu'uraa gaggeessuu, gabaa sanbataa dhaabuu, omishootaafi raabsitootarraa saamuda fudhachuun hojjiwwan guddoo karoorichaan raawwataman ta'uu odeeffannoo biirichaa arganne ni mul'isa.

# Oromiyaa lixaafi kibbaatti deeggarsa ummataatiin nageenyi fooyya'uun ibsame

### Rippoortara Gaazexichaatiin

**Finfinnee:** Deeggarsa ummanni qaamolee nageenyaa waliin taasisen Oromiyaa lixaafi kibbaatti haalli nageenyaa fooyya'aa jiraachuu godinaaleen Qellem Wallaggaafi Wallagga Lixaa ibsan.

Ittigaafatamaan Waajjira Bulchiinsaafi Nageenya Godina Qellem Wallagga Obbo Tasammaa Waariyoo Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf dheengadda akka ibsanitti, qaamoleen nageenyaa godinichatti nageenya mirkaneessuuf ummata waliin ta'uun hojjetamaa jira. Ummanni godinichaa Shanee dhabamsiisuuf deeggarsa qaamolee nageenyaaf taasisen nageenyi godinichaa fooyya'aa jira.

Ummanni sochiifi bakka argama Shanee saaxiluufi odeeffannoo wayitawaa caasaa nageenyaaf laachaa jiraachuu eeranii, yeroo ammaa kanas, deeggarsa ummata godinichaa qofaan caasaa nageenyaa gaachana sirnaa guyyoota 45 leenjiiifachaa jiraachuu himu. Lojastikii garagaraa, nyaataafi dhugaatii qaamolee nageenyaaf dhiyeessuun tarkaanfii nageenya mirkaneessuu mootummaatiin



Ummanni qaamolee nageenyaa wajjin ta'uun nageenyasaa caalaatti mirkaneeffachuu qaba

fudhatamaa jiruu deeggaraa jiraachuu himaniiru. Miseensota Shanee gara qe'eetti deebi'uuf fedha qaban karaa nagaatti akka deebi'aniif ummanni gumaacha olaanaa taasisaa jiraachuu ibsaniiru.

Kana giddugaleessa godhachuudhaan aanaalee kanneen akka Anfilloo, Gidaamiifi Sayyoo caasaan mootummaa qaqqabuuf danqaa ture bira ga'uun aanaalee kunneenitti hojiin ijaarsa caasaa nageenyaa eegaluu danda'amu himu.

Ittigaafatamaan Waajjira Bulchiinsaafi Nageenya Godina Wallagga Lixaa, Komaandar Naggaallinyi Baqqaabil

gamasaaniin, ummanni godinichaa rakkoon nageenyaasaa akka furamuuf deeggarsa guutuu taasisaa jiraachuu eeranii, ummanni ijaaramuun nageenya naannawaasaa eeggachuun, sochiifi ergama Shanee ilaalchisuun qaamolee nageenyaaf ceruu kennuun deeggarsa taasisaa jiraachuu dubbatu.

Deeggarsa taasifame giddugaleeffachuun nageenyi godinichaa wayita ammaa fooyya'aa jiraachuu ibsaniin, ummanni godinichaa guutummaatti nageenyasaa mirkaneeffachuuf qaamolee nageenyaa waliin ta'uun nageenyasaa akka mirkaneeffatuuf waamicha dhiyeessaniiru.

# Hirmaannaan dubartoota Oromiyaa hojii investimantiirratti maaliif xiqqaate?

### Natsaannat Taaddasaatiin

**Finfinnee:** Qo'annoon Baankiin Addunyaa taasisen akka mul'isutti, Oromiyaatti dubartoonni hanga bara 2015tti hojii investimantiirratti hirmaatan %13.1 ta'uu mul'isa.

Kun hirmaannaan dubartoota hojii investimantiirratti hangam gadibu'aa ta'uu agarsiisa. Rakkoo gama kanaan jiru furuuf Biiron Investimantiifi Industirii Oromiyaafi Baankiin Addunyaa Wiixata darbe Finfinneetti qaamolee dhimmichi ilaallatu waliin mari'ateera.

Invastaroonni dubartoota maricharratti argaman akka jedhanitti, hanqinni faayinaansii, dhiyeessii galteewwanii, bu'uraalee misoomaa, qarshii liqii, lafa investimantii yeroon kennamuu dhabuun, birokraasiin, malaammaltummaan, dhiirotaafi dubartoota walqixa keessummeessuu dhabuufi walitti hidhamiinsi gabaa rakkoolee guddoo hojii investimantiirratti isaan mudachaa jiru.

Baankiin Misoomaas damee tajaajilaarratti liqii kan hinkennine ta'uu himanii, mootummaan naannichaa invastaroota dubartootaaf xiyyeeffannaa addaa akka kennu gaafataniiru.

Baankii Addunyaatti Gorsaan Biiron Investimantiifi Industirii Oromiyaa Obbo Wandimmuu Tasfaayee akka jedhanitti, lakkoofsa ummata Itoophiyaa miliyoona 120 ta'u keessaa %50 ol dubartoota yoo ta'an, lakkoofsi dubartoota invastarootaa garuu daran xiqqaadha.

Hirmaannaan invastaroota dubartoota Oromiyaa bara 2011 %4 irra ture sochii hirmaannaasaanii guddisuuf taasifameen bara 2015tti gara %13.1tti guddateera.



Suuri: Iyyoob Tafariitiin

Invastaroota dubartoota Oromiyaa saganticharratti hirmaatan keessaa

Hirmaannaan invastaroota dubartootaa guddisuuf qaamoleen mootummaa, miti mootummaafi dubartoonni qindoominaan waliin hojjechuu akka qabanis eeraniiru.

Hanqinni faayinaansii rokkoolee ijoo hojii investimantiin walqabatani ka'an keessaa adda durummaan akka eeramu himanii, baankonni liqiidhaan walqabatu furuurratti xiyyeeffatanii hojjechuu akka qabanis gorsichi ni dubbatu.

Aadde Sa'aadaa Yaasin Invastara dubartoota Oromiyaa keessaa tokko yoo ta'an, Magaalaa Roobeetti investimantii tajaajilaa (hoteelaafi geejjibaarratti) hirmaatanii hojjechaa jiru. Daldala gabaa keessaarraa ka'uun gara investimantiitti ce'uufi yeroo ammaa konkolaattota ummataa afur akkasumas hoteela abbaa darbii sadii ammoo ijaarsisaa jiraachuufi sadarkaa kanarra ga'uuf bu'aa ba'ii hedduu keessa darbuu dubbatu.

Hojiin investimantii tattaaffiif tasgabbi cima barbaada kan jedhan Aadde Sa'aadaan, namni kamuu yoo xiiqiifi kutannoon hojete sadarkaa xiqqaarraa ka'ee sadarkaa guddaarra ga'uu ni danda'a.

Hojiin invastimantii har'uma ka'anii kan jalqabaniifi kan itti milkaa'an miti jedhu.

Bu'aa ba'iin waggoota shan dura hojii investimantiirratti ture hammaataadha. Waggoota shanii as haalonni fooyya'oon jiraatanis hojichi ammayyuu caalaatti fooyya'uu qaba.

Gara fuulduraatti damee hojii investimantii caalaatti babal'isuuf guddisuuf kutannoofi kaka'umsa cimaan kan hojjetan ta'uu himanii, haqinni simintoofi bishaanii hojii ijaarsaa isaan Ginniiritti hojjechaa jiranirratti dhiibbaa guddaa uumaa jiraachuu dubbatu.

Hojiraawwachiiftuu Olaantuu Korporeeshinii Misooma Paarkiiwwan Industirii Oromiyaa kan ta'an Aadde Sannaayit Mabree akka jedhanitti, hirmaannaan dubartootaa hojii investimantiirrattis ta'e hojii biroorratti baay'insaanii wajjin kan walsimu waan hintaaneeff xiyyeeffannaa guddaan irratti hojjetamuu qaba.

Baankiin akkuma barbaade qarshii liqeessuu waan hindandeenyeef Biiron Investimantiifi Industirii Oromiyaa waliin ta'uun rakkinnichaa furuuf kan hojjetan ta'uus eeraniiru.

# Ijoo Dubbii

## Guyyoota Qaam'ee ja'an akka riqichaatti

Itoophiyaan dhahaa (kaalandarii) biyyoota addunyaa kaanirraa adda ishee taasisu qabdi. Biyyoonni addunyaa waggaa tokko ji'oota 12f qooduun yoo lakkaa'an, Itoophiyaan garuu ji'oota 13n lakkaa'atti. Ji'i 13ffaa Itoophiyaan qofti qabdu, Qaam'een guyyoota shan, waggaa afur keessatti si'a tokkummoo guyyoota ja'a ta'a.

Qaam'een ji'a bara moofaa xumuruun haaraatti seenuuf qophiin xumurutti argamtuudha. Namoonni baay'een yeroo karoora haaraa itti baafatu, abdi haaraadhaan guutamuufi ganna dukkanaa'aa keessaa ba'amee birraatti ce'uuf itti qophaa'amuudha.

Barattoonnis yeroo boqonnaasaanii xumuranii barnoota kutaa haaraaf kan itti qophaa'an, maatiin barattootaas wantoota ijoolleesaniif barbaachisan yeroo itti guutaniidha. Walumaagalatti Qaam'een ji'a guyyoota muraasa qabdu garuu taateewwan ce'umsa waggaa haaraaf nama qopheessan hedduun ittiin raawwatamaniidha.

Akkuma biyyaattuu ji'a ibsama addaa Itoophiyaa taate kana keessumaa yeroo dhihoo as dhimmoota garagaraa ittimoggaasuun hojiileen waggaa haaraatti sammuu haaraadhaan ce'uuf nama dandeesisan itti raawwatamu.

Baranas Qaam'een guyyoota ja'aa kan qabdu yoo ta'u, tokko tokkoonsaniif maqaan moggaafamee, wanti hojjetamu adda baafameera. Dhaabbileen kana sadarkaa sadarkaadhaan qopheessanis adda baafamaniiru.

Haaluma kanaan, Qaam'een 1 guyyaa Tajaajilaa, Qaam'een 2 Guyyaa Wareegamaa, Qaam'een 3 Guyyaa Tola Ooltummaa, Qaam'een 4 Guyyaa Omishtummaa, Qaam'een 5 Guyyaa Dhalootaa, Qaam'een 6 Guyyaa Tokkummaa jedhamuun sirnoota adda addaatiin kan kabajamu ta'a.

Bu'uuruma kanaan guyyaan Tajaajilaa guyyaa hojjetoota mootummaa iddoo tajaajilaa jiran kan ilaallatu yoo ta'u, guyyichatti ummataafi biyya tajaajiluun maal jechuu akka ta'erratti hubannoon ni uumama, rakkooolee danqaawwan kenna tajaajilaarratti mul'ataniratti mari'atamuun yaadonni haaraan kan itti kaa'aman akkasumas qaamolee haqummaafi qajeeltummaan tajaajilaniif beekamtiin kan kennamu kanneen sirnaan hintajaajille ammoo ittiqeeqaman ta'uu Tajaajilli Kominikeeshinii Federaalaa ni ibsa.

Guyyaa Wareegamaattis qaamoleen nageenyaa sadarkaa federaalaafi naannoorra jiran kan ittiyaadataman yoo ta'u, guyyicha dhaabbilee nageenyaa keessatti faayidaan tajaajiluu dhihaatee keessumaa dargaggoonni dhaabbilee kanneenitti makamuun biyyaasani akka tajaajilaniif waamichi kan dhihaatu ta'a. Dhaabbilee kanneen keessattis ergama kenneefitti miidhaawwan addaaddaa kan irra qaqqabeefi aarsaa kanfalan kan ittiyaadatamaniifi galateeffaman ta'a.

Guyyaa Tola ooltummaattis, guyyichi tajaajiloota tola ooltummaa kan ilaallatu yoo ta'u, dhimmicharratti hubannoo uumuun, seenaa yaadachuufi mar'achuun ammoo taatee guyyichaati. Guyyaa Omishtummaattis qaamolee maallaqasani misooma biyyaaf oolchuun dirqama hirmaannaa hawaasummaasani ba'atan kan ittiyaadatamaniifi galateeffamaniidha.

Guyyaa Dhalootaattis dhaloonni Itoophiyaa dhaaleefi dhaalu kan ittiyaadatamuufi galateeffamu yoo ta'u, guyyaan xumuraa ykn ja'affaan guyyaa Tokkummaati. Guyyaa kanatti waa'een maatii, ummataafi biyya jaalachuu, nageenyaan waliin jiraachuufi waljaalachuu kanitti leellifamu ta'a.

Akka waliigalaatti, guyyoota kunneen maqaa itti moggaasani yaadachuura darbee nageenyiifi guddinni biyyaa akka dhufu, ilaalchi finxaalessummaa akka jijjiiramuu, tokkummaan caalaatti akka cimuu hunduu tumsuu qaba. Akkasumas jibbi, hammeenya, masluufummaan waantota dhala namaa birattis ta'e Uumaa biratti balaaleffataman hunda dhabamsiisuudhaan guyyoota Qaam'ee ja'an akka riqichaatti fayyadamnee miira haaraafi jaalalaan haa ceenu.

# Yaada



## Qaala'inniifi hanqinni omishaa akka hinmudanneef...

### Charinnat Hundeessaatiin

Qaala'insa gatiif wantootni sababa ta'an hedduun jiraatanis hanga barbaadamuu ol maalaqni dinagdee biyyaa keessa kan nanaanna'u yoo ta'e qaala'insi jireenyaa haalaan hammeessa jedhanii; qarshii gabaatti gadi lakkifamuu hir'isuun qaala'insa jireenyaa mul'achaa jiru xiqqeessuuf tarkaanfiin garagaraa fudhatamaa jiru.

Akka hayyoonni dinagdee jedhanitti, Itoophiyaatti imaammatni maallaqaa kanaan dura ture qaawwa bal'aa qabaachuun qaala'insa gatiif sababa tokko. Biyyattiitti walitti bu'insi iddoowwan garagaraatti uumamu, hanqinni galteewwan qonnaafi seektara indastiriiwwanii mudachaa jiru, alseerummaan adeemsa daldalaa keessatti mul'atuufi malaammaltummaan qaala'insa gatiif sababoota ijoodha. Garaagarummaan galii namoota dhuunfaa gidduu jirus wantoota biyyattii keessatti qaala'insi gatii akka dabaluu taasisan keessaa isa biraadha.

Rakkoo qaala'insa jireenyaa hundeerraa furuuf omishaafi omishtummaa dabaluu, daldaloota seeraan ala omisharratti gatii dabalaniiratti tarkaanfii fudhachuun, hojiilee manifakcharingii cimsuuf bajata guddaa ramaduun mootummaan xiyyeeffannaan hojjechuu akka qabuudha hayyoonni kan eeran.

Kun otoo kanaan jiruuti egaa ayyaanota adda addaa kabajuuf kan jirru. Ayyaanonni akka jijjiirraa bara haaraafi Masqalaa, yeroo manneen barnootaa ittibanaman ta'uun walqabatee ummatoonni biyya keenyaa qaala'ina gatiifi jireenyaaf daran saaxilamu.

Qaala'ina gatii jijjiirraa bara haaraatiin mudachuu malu hanga tokkos ta'u hir'isuuf mootummaan erga tarkaanfiilee adda addaa fudhachuu eegalee bubbuleera. Keessumaa gama kanaan hanga tokko fuulduratti tarkaanfachuun hawaasa magaalaa aaragalfachiisuufi gabaa tasgabbeessuuf tattaafachaa kan jiran Oromiyaafi Bulchiinsi Magaalaa Finfinnee addadurummaan eeramu.

Biiron Daldalaa Oromiyaa ibsa tibba kenneen, fuuldura keenya ayyaanonni gurguddoo jiraachuusaanitiin walqabatee hanqina dhiyeessii omishaalee garagaraa mudachuu malu furuuf gamanumaa karoofamee hojjetamaa jiraachuu eereera.

Biirichi ayyaana bara haaraa sababeeffachuun hanqinni dhiyeessii akka hinuumamne qooda fudhatoota waliin qindoominaan hojjetamaa jiraachuudha hogganaa ittaanaan biirichaa Obbo Tasfaayee Gashoo kan dubbatan.

Haala dhiyeessii meeshaalee bu'uuraa, midhaan, kuduraafi muduraa, bu'aawwan indastirii, beelladaafi bu'aawwan beelladaa dhiyeessuun danda'amurratti karoori waloo qophaa'ee hojiitti galamaa jiraachuunis eerameera. Kunis sektaroota qooda fudhatan waliin qindoominaan kan raawwatamu ta'a akka ibsasaaniitti.

Ayyaanota kanneeniif godinaaleefi magaalota Oromiyaa hundatti midhaan akaakuuwwan garagaraa, meeshaalee bu'uuraa zayitiifi sukkaara, kuduraafi muduraa, bu'aawwan indastirii, beelladaafi bu'aawwan beelladaa dhiyeessuuf sosochiin kan eegalame ta'us dubbataniiru.

Bu'uuruma kanaan garbuu kuntaala kuma 15fi 156, qamadii kuntaala kuma 15fi 89, boqqolloo kuntaala kuma 41fi 288, xaafii kuntaala kuma 29fi 856 waliigalaan midhaan kuntaala kuma 101fi 389 dhiyeessuun walitti hidhaminsa gabaa uumuuf karoofameera. Akkasumas, kuduraafi muduraa toonii kuma 380fi 962 dhiyeessuun walitti hidhamiinsa gabaa uumuuf hojjetamaa jira.

Dhiyeessii meeshaalee bu'uuraaan walqabatee ayyaana bara haaraa sababeeffachuun zayitii nyaataa liitira miliyoona sagal, kuma 389fi 896 akkasumas sukkaara kuntaala kuma 26fi 139 mootummaadhaan dhiyeessuuf karoofamee hojjetamaa jira.

Dabalataanis zayitii nyaataa liitira miliyoona tokko, kuma 558fi 834 akkasumas daakuu qamadii kuntaala kuma 28fi 987 irratti walitti hidhamiinsa gabaa uumuuf hojjetamaa jiraachuudha Obbo Tasfaayeen kan eeran. Horii gaanfaa kuma 119fi 912, hoolota kuma 85fi 88, re'oota kuma 124fi 99, walumaagalatti kuma 329fi99 irratti magaalotaafi godinaalee Oromiyaa hunda keessatti walitti hidhamiinsa gabaa uumuuf karoofamee hojjetamaa jira.

Daakuu qamadii walitti hidhamiinsa gabaa ayyaana bara haaraa sababeeffachuun uumamu kunis hanqinni dhiyeessii akka hinuumameefi gabaan ayyaanaa akka tasgabba'uuf shoora olaanaa qabu. Yuuniyonni, waldaalee hojii gamtaafi daldaloonni dhuunfaa karoora qabame milkeessuuf ittigaafatamummaasani sirnaan bahachuu qabu.

Hawaasni ammoo burjaajii, gowwoomsa qarshii forjiidiitiin walqabatee yeroo ayyaana kanatti uumamurraa of eegaa shaqaxoota ykn bu'aalee qonnaa iddoowwan gabaa, baazaariwwaniifi gabaawwan Dilbataatii gatii madaalawaan bitachuu qabaan dhaamsa keenya.



## Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa  
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22  
Email :- [epa@press.et](mailto:epa@press.et)

### Gulaalaan

**Charinnat Hundeessaa**

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

[chhundessa@yahoo.com](mailto:chhundessa@yahoo.com)

[email-cherenethundessa@press.et](mailto:email-cherenethundessa@press.et)

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

### Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waaasihuan Takilee

### Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

### Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

### Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

### Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

[email-bariisaa@press.et](mailto:email-bariisaa@press.et)

 Ethiopian Press Agency

# ODUU

## Ofeeggannoon dhibee busaafi koleeraa cimee ittifufuu qaba

### Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Hawaasni ofeeggannoon dhibee busaafi koleeraa seensa gannaarratti taasisaa ture ba'umsarrattis cimsee ittifufuu akka qabu Biiron Fayyaa Oromiyaa beeksise.

Biirichatti, Daarektarii Ittisaafi To'annoo Dhukkuboota Daddarboo Obbo Darajjee Addunyaa, Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf dheengadda akka ibsanitti, hawaasni fayyummaasaa eeggachuuf ofeeggannoo dhukkuboota daddarboo waqtii seensa roobaatti taasisaa ture ba'umsa roobaattis ittifufuusiisuun fayyummaasaa eeggachuu qaba.

Yeroowwan eeraman kunniin tatamsa'ina dhibee busaafi koleeraatiif mijatoo ta'uu himanii, keessumaa godinaaleen Iluu Abbaaboor, Jimmaa, Wallagga afran, Shawaa Bahaa, Arsii Lixaa, Gujjiif Gujji Lixaatti mul'atee turuu ibsaniiru.

Mootummaanis dhibee kana ittisuuf saaphana ittisa bookee busaa miliyoona 6.8 raabsuufi

keemikaalli farra bookee busaa manneen kuma 200 oliirratti biifamuufi yaalii qorichaa gaggeeffamus naannicha keessaa gutuutti dhabamsiisuun waan hindanda'amneef ofeeggannoon hawaasaa cimee ittifufuu qaba jedhaniiru.

Birraan seenaa waan jiruuf bishaan bakka tokko ciisee walhormaata bookee busaaf haalli mijataan akka hinuunneef hawaasni kuufama bishaanii naannawaasaa jiru dhangalaasuun ofeeggannoo taasisuu akka qabu yaadachiisanii, saaphana ittisa bookee busaa raabsame daa'immaniifi dubartoota ulfaaf dursa kennuu fayyadamuu akka barbaachisu hubachisu. Namootarratti mallattooleen kanneen akka qaamni gubuu, fedhiin nyaataa hir'achuufi hollachiisuu yoo mul'ate mallattoo dhibee busaa waan ta'aniif hatattamaan mana yaalaatti geessuu akka barbaachisu gorsu.

Dhibeen koleeraas haaluma walfakkaattuun rooba hordofee hanqina qulqullina bishaaniifi



Bookee busaa dhibee dabristu

nama dhuunfaatiin kan dhufu ta'uu kan himan Obbo Darajjee, barana qofa godinoota sagaliifi magaalota shan keessatti bal'inaan mul'achuu ibsu. Ammas darbee darbee godina Baaleefi Arsii Lixaatti seenee mul'atus godinoota baay'ee keessatti akka to'atame ibsaniiru.

Dhibeen koleeraa bishaan faalamaan waan

babal'atuuf hawaasni dhibee kanarraa baraaramuuf bishaan danfisee fayyadamuu, nyaata osoo hinqopheessin akkasumas fayyadama mana fincaaniin booda harka dhiqachuufi boolla mana fincaanii fayyadamuun ofeeggannoo dhibee koleeraaf murteessaa ta'uu himaniiru. Hanqina qorichaaf Ministeerri Fayyaa xiyyeeffannoo akka laatus gaafataniiru.

## Bona dhufu naannawawwan Itoophiyaa kibbaafi kibba bahaatti roobni idileen olii ni eegama

### Taammiruu Raggaasaatiin

**Finfinnee:** Bona dhufu naannawawwan Itoophiyaa kibbaafi kibba bahaatti roobni idileen olii roobuu akka danda'u Inistitiyuutiin Meetiriyoolojii Itoophiyaa beeksise.

Inistitiyuutiichi Kamisa darbe raawwii qorannoo hojii waqtii gannaafi tilmaama haala qilleensaa bona dhufuu bakka qooda fudhattoonni garagaraa argamanitti ifoomseera.

Daarektarii Olaanaan Inistitiyuutiichaa Obbo Faxxanaa Tashoomaa haasawa taasisaniin akka jedhanitti, bona dhufu ho'inni Garba Paasifikiifi kaaba Garba Hindiitti idileen ol waan dabaluu, naannawaaleen kibbaafi kibba baha biyyattii rooba idileen olii ni argatu jedhamee eegama. Akkasumas, raagni haala qilleensaa akka agarsiisutti



Qooda fudhattoota saganticharratti hirmaatan keessaa

walakkaan dhiha biyyattii rooba idileefi idilee ol ni qabaata.

Raaga haala qilleensaa amma mul'achaa jirurratti hundaa'uun naannawawwan kaaba biyyattii, giddugaleessa, bahaafi kaaba lixaatti roobni yeroo malee akka roobu ibsaniiru. Gama biraatiin, kaaba bahaa, giddugaleessaafi baha biyyattiitti ho'i

darbee darbee digrii seentigireedii shanii gadi akka ta'uu eeraniiru.

Ummanni raaga haala qilleensaa tilmaama keessa galchuun hammafi raabsa rooba sirnaan fayyadamuun sassaabbii qonnaafi hojiiwwan hawaas dinagdee biroo ogeeyyii waliin mari'achuun raawwachuun akka qabu kaasanii, kutaaleen hawaasaa lolaaf

saaxilamuu danda'aniifi qarqara lagaa jiraatan ofeeggannoo barbaachisaa taasisuu akka qaban hubachiisu.

Ministir De'etaan Ministeera Qonnaa Obbo Mallas Makonnin gamasaaniin, raagni idilee inistitiyuutiichi kennu hojii qonnaaf barbaachisaa ta'uu eeranii, raagicharratti hundaa'uunis hojii misooma qonnaarratti qophiin duraa kan taasisamu ta'uu ibsu. Raaga haala qilleensaa ganna darbeerratti hundaa'uun qophii hojii qonnaaf barbaachisu taasisuun lafa heektaara miliyoona 15.8 sanyiidhaan uwwisuun danda'amu kaasu.

Odeeffannoo haala qilleensaarratti hundaa'uun iddoowwan hanqinni roobaa jirutti omisha yeroo gabaabaa keessatti gahu misoomsuuf hojjetamaa jiraachuu ibsanii ganna darbe roobni guddaan waan tureef ilbiisota omisha midhaanii hir'isan too'achuun danda'ameera jedhaniiru.

## Itoophiyaan maastar pilaanii qurxummii qopheessaa jirti

*-Bara 2016tti qurxummii toonii kuma 138 omishuuf karoorfame*

### Taammiruu Raggaasaatiin

**Finfinnee:** Omishaafi omishtummaa damee misooma qurxummii dabaluu maastar pilaaniin qurxummii qophaa'aa jiraachuu Ministeerri Qonnaa beeksise.

Ministeerichatti ittigaafatamaan deeskii Misooma Qurxummii Doktor Faasil Daawwit ibsa dheengadda Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, Itoophiyaan poteenshiyaala guddaa omisha qurxummiif mijatu qabaattus sababa kanaan dura damichaaf xiyyeeffannaan hinkennanneef faayidaan malu argamaa hinturre.

Amma garuu misooma qurxummiitiif xiyyeeffannoon kennamee hojjetamaa jira kan jedhan Doktor Faasil, maastar pilaaniin qophaa'aa jiru hojmaata damichaa haala barbaadamuun hogganuuf gargaaru diriirsuun biyyattiin potenshiyaala qabdu duguugdee akka

fayyadamtu kan taasisuudha jedhan.

Maastar pilaanichi qooda fudhattoonni naannolee garagaraa keessa jiran omisha qurxummiirratti hojmaata walfakkaataafi walsimataa akka qabaatan gochuufis kan gargaaru ta'uu Doktor Faasil ibsaniiru.

Hanga ammaatti Itoophiyaa keessatti potenshiyaalli qurxummii itti hinbu'amne jedhanii, biyyattiitti akaakuuwwan sanyii qurxummii 200 ta'an jiraatanis sanyii 10 qofti tajaajilaaf oolaa jiraachuu ibsaniiru. Akaakuuwwan sanyii qurxummii biyya keessatti argaman keessaa sanyii qurxummii 40 ta'an Itoophiyaa qofatti kanneen argamaniidha.

Hidhawwan bishaanii kaayyoo kamiifuu yommuu hojjetaman dizaayiniisaaniirraa eegalee omisha qurxummii xiyyeeffannoo keessa galchuun akka hojjetamaniif hojiin jalqabame omishaafi omishtummaa damee kanaa guddisuuf daran kan gargaaru akka ta'us ibsaniiru.



Itoophiyaan lafa heektaara miliyoona tokko ta'uu bishaaniifi haala qilleensaa mijataa waliin kan omisha qurxummiif mijatu qabdi, kuni potenshiyaala baay'ee guddaadhas

jedhu ittigaafatamichi.

Karooraa bara bajataa 2016tti qurxummii toonii kuma 138 omishuuf kan karoorfamu ta'uus ibsaniiru.

# Mijuu

**BARIISAA SANBATAA** Hagayya 27 Bara 2015

**Zoonii dinagdee  
addaa guddicha  
Afrikaa Bahaa;  
Finfinneetti**



*fuula* **11**



**Baandii Shanan Gibee  
indastirii Muuziqaa  
Oromoo guddisuu  
keessatti**

*fuula* **10**



**“Injifannoon Budaapeestii  
argame qalbii hawaasa  
addunyaa kan hawwate ture”**

*-Gargaartuu Komishinaraa  
Daraartuu Tulluu*

*fuula* **15**

**“Xiyyeeffannoon kennamnaa atileetiksii  
keenya sadarkaa yaadnuun ga’uu ni  
dandeenya”**

*fuula* **6**

*- Komaandar Maarqos Gannatii*

## KEESSUMMAA BARIISAA

# “Xiyyeeffannoon kennamnaana atileetiksii keenya sadarkaa yaadnuun ga’uu ni dandeenya”

- Komaandar Maarqos Gannatii

## Saamraawit Girmaatiin

*Atileetonni Itoophiyaa tibba kana Shaampiyoonaa Atileetiksii Addunyaa 19ffaa Hangaarii, Budaapeestitti adeemsifamerratti hirmaatan warqii lama, meetii afuriifi nahaasa sadii waliigalaan meedaaliyaawwan sagal argachuun addunyaarraa sadarkaa ja’affaa, Afrikaarraa lammaffaa ba’uunsanii ni yaadatama. Qabxiin kun hanga eegame akka hintaane dubbatamaa jira. Nutis kanaafi dhimmoota waliigalaa biroorratti atileetii duraanii, walitti qabaa koree teekinikii Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaafi Pirezidaantii Waldaa Atileetota Itoophiyaa Komaandar Maarqos Gannatii keessummaa maxxansa kanaa taasifanneerra dubbisa gaarii.*

**Bariisaa: Gaafdeebii kanaaf eeyyamamaa ta’uukeef guddaa si galateeffanna. Namoonni baay’een si beekanillee dubbistoota keenyaaf of ibsi mee.**

**Komaandar Maarqos:** Tole isinis galatoomaa jechaa, ani Maarqos Gannatiin jedhama. Kanin dhaladhee guddadhe Godina Wallagga Bahaa, Aanaa Waayyuu Tuqaa, Magaalaa Guuteetti. Barnootakoo sadarkaa tokkoffaa bakkuma dhaloota koo, sadarkaa lammaffaa ammoo Mana Barnootaa Kompriheensiivii Naqamteettin baradhe.

Haalli guddinakoos akkuma ijoollee baadiyyaa kamuu maatiikoof bishaan waraabee, horii tikseen guddadhe. Yommuu umuriinkoo barumsaaf ga’ummoo barnootan eegale. Bakkiin itti guddadhe jireenyaaf mijataa yoo ta’u, maatiinkoos haala gaariidhaan na guddisan. Hawaasni naannawaakoos akkuma ilmaasaatti yoon balleesse natti dheekkamaa, yoon gaarii hojjedhe na eebbisaan guddadhe.

**Bariisaa: Maatiikeef ilma meeqaffaadha? Obbolaawoo meeqa qabda?**

**Komaandar Maarqos:** Abbaakootiif ilma lammaffaa, haadhakoof immoo hangafa, waliigala obboloota saddeetiin qaba.

**Bariisaa: Akkamitti fiigichatti seente Komaandar?**

**Komaandar Maarqos:** Dhugaa dubbachuuf taanaan, ani guyyaan jalqaba dorgommii dorgomeen beeka malee akkamitti akkan itti seene hin yaadadhu. Bakki dhalootakoo dirree fiigichaaf mijataa ta’uun, buufanni xiyyaaraa naannawa mana jireenyaa keenyatti argamuun akka garaakootti akkan fiiguuf carraa naa uumeera. Kanarraa kan ka’e jireenyumtikoo mataansaa ispoortii ture. Fiigicha qofa osoo hintaane kubbaa miilaa, kubbaa saaphanaa, utaalchoofi waan ispoortii jedhame hunda keessattin hirmaadha.

Boodarra akkan fiigicharratti xiyyeeffadhu kan na taasise barsiisotakooti. Naman akkasaan ta’a jedhu hinqabun ture. Garuu waanin gumii minimiidiyaa mana barnootaa keessatti sochii muraasa taasisa tureef gaazexoota addaddaa dubbisuuf carraa argadheera.

Saganticharrattis waanin ispoortii dhiheessaa tureef waa’ee Hayilee, Faaxumaafi, Daraartuufaa beekuuf carraa argadheera. Kunimmoo akkan ispoortiitti jajjabaadhu na taasise. Gaafan kana siin jedhu garuu faayidaa ykn qarshii argamsiisa kan jedhu hinbeeku; akka inni beekamtii namaaf kennu garuu nan hubadha.

Eessaan, karaa kam ba’anii gara sanatti akka dhufamu naaf hingalu ture. Kana kanin hubadhe bara 1991 mana barnootaa sadarkaa tokkoffaarraa gara sadarkaa lammaffaatti dhufee yommuun aanaakoof kubbaa miilaa taphadhuudha. Yeroo sana fiigichi jiraachuun arge. Warra fiigan argee waanin dandeettiisaa qabuuf yoon of ilaalewo jechuun barsiisotakoo waliin mari’adhe. Isaanis taphataa cimaa ta’uukoofi fiigichas

akkam danda’u waan hubataniif akkan fiigu na jajjabeessan.

Anis qophiifi shaakallii tokko maleen fiigichatti seene. Akka carraa ta’ee dorgommiidhuma jalqabaatiin mo’adhe. Ijoolleen waliin dorgame tokkosaaniillee hinbeeku. Isaan garuu ijoollee beebbeekamoo godina, darbees Oromiyaa bakka bu’anii dorgomaniidha. Isaanis fiigichakoo arganii waamanii na onnachiisan.

Yeroo sanatti hamileen, “Ergan utuu hinqophaa’iin injifachuu danda’ee utuun irratti hojjedheemmoo bakka guddaa ga’uu nan danda’a” jedhu na keessatti uumame. Waanti si dingu guyyaa sana kubbaa miilaa hanga boqonnaa qofatti taphadhee boqonnaa booda fiigichatti seene. Godina bakka bu’ees dorgomuu jalqabe.

Baruma sana godinakoos bakka bu’ee dorgome. Poolisiin Oromiyaa godinaaleerra nu filatee dorgommii naannolee Magaalaa Ambootti taasifamerratti filatamee hirmaadhe.

Sana keessatti gara kilabii Poolisii Oromiyaatti makamuuf carraa argadhus waan umuriinkoo hingeenyeeff, ulfaatnikoos waan hinguunneef keessaa hafe. Marsaa itaanutti na simachuuf waan waadaa naa seenaniif Naqamtetti deebi’een barnootakoo ittifufe.

Yeroon mana barnootaatti deebi’u garuu wanti na mudate barsiisonni daree barattoota qaxalee (special class) keessaa na baasanii kutaa idileetti na dabalaniiru. Sababnisaa yeroon dorgommiif gara Sanqallee ji’a tokkoof torban lamaaf deemetti barumsaafi qorumsa baay’ectu na darbe.

Kanaan keessikoo daran gaddus waantota lama dhabuu hinqabu jedheen murteeffadhe. Akkasumatti kutaa itaanutti darbe, akkuman baatii afur baradheen Oromiyaan beeksisa mindeessa humna dafee qaqqabaa baafnaan dorgomee leenjiif seene.

Yeroo sanatti fiigichillee waan narkaa badu natti fakkaatee ture. Garuu carraaquu hindhiisne. Leenjiikoo xumuree Godina Booranaa, Magaalaa Nagellee Booranaattin ramadame. Bakkichi gammoojjii waan tureef fiigichaaf naaf mijataa hinturre; bu’aa ba’ii hedduutu ture. Isuma keessatti garuu ammallee carraaquu hindhiisne.

Oggaan hojiif deemutti wayita aanaaleen dorgommii godinaaf of qopheessanin arge. Akkan dorgomuuf fedha qabu itti hinnaan dhuunfaadhaan dorgomuu hindandeesu naan jedhan. Fedhiikoo kanin ittihime uffata siviilii uffadheeni. Booda uffata loltuu uffadhee warra dorgommicha qopheessan gaafannaan ni dandeesa naan jedhan.

Fiigicha meetira kuma shanii mo’achuura darbee isa lammaffaa ba’eeyyuu itti marseen gale. Hoggantoonnikoos taa’anii na ilaalaa turan. Isaanis daran gammadanii dandeettiikoos dinqisiifatanii waantota barbaachisan hundaan na cina dhaabachuuf waadaa naa seenan. Bakkan jirurraas dhuma



bara 1992tti gara giddugaleessa biyyaa, Bishooftuu dhufe. Shaakalliifis haalli daran naa mijate.

Garuu sababan hoggansarra tureef hojii wajjin dhiibbaa narratti uume. Ta’us shaakalakoo addaan hinkunne. Naamusaan walqabatees waantota ispoorteesaa tokkorraa barbaadamu hunda eeggadheen hojjechaa ture. Haala kanaan bu’aa ba’ii hedduu booda gara garee biyyaaleessaatti dhufe jechuudha.

Bara 1993 carraa hojii kamirraayyuu bilisa ta’ee hojjechuu baatii sadiif argadhe. Yeroo naa kenname keessatti aanaan keessa ture Ada’aa Liiban bakka bu’ee Shaashamaneerratti, achirraammoo godina bakka bu’een gara Baalee Gobbaatti dorgomee mo’adhe. Naannoo bakka bu’ees dorgommiif Finfinnee dhufe.

**Bariisaa: Egaan kan Finfinnee kun siif dorgommiikee guddicha isa jalqabaati. Miira yeroosii akkamiin ibsita mee?**

**Komaandar Maarqos:** Anaaf waltajjichi guddaa ture. Atileetota beebbeekamoo kanneen akka Qananiisaa Baqqalaa faa wajjin walarge. Dorgommichas atileetota beebbeekamoo waliin miila duwaa dorgomeen injifadhe.

Tiraakiin maal akka fakkaatu argeellee hinbeeku bari. Gaafan ilaalu garuu caalaatti kan saffisa naa kennu, miilakoo duwaa waan ta’eefin dorgomee haala nama ajaa’ibuun Qananiisaallee mo’adhe. Sana booda dorgommii idiladdunyaattin makame jechuudha.

**Bariisaa: Dorgommiinkee jalqabaa biyya alaa eessatti ture?**

**Komaandar Maarqos:** ALA bara 2001 dorgommii Shaampiyoonaa Dargaggoota Addunyaa, Hangaariitin dorgome. Qophii torban lamaatiin meetira kuma sadiirratti kanin hirmaadhus rikardii cabseen mo’adhe.

Qabxiikoo kana ilaaluunis leenjisaankoo yommuusii Waldamasqal Koostiree meetira kuma shan Jamaayikaatti akkan fiigu na taasisan. Achittis qabxi gaariin galmeessise.

Baruma sana utuu hinturiin dorgommii shaampiyoonaa atileetiksii Heelsiinki, Finlaandiitti meetira kuma shaniif deemee saffisakoo waan beekaniif meetira kuma tokkoofi 500 na dorgomsiisan. Fiigicha dheerina lamaaniin mo’adhe. Akkanaa dorgommiwwan garagaraa injifachuun eegale.

**Bariisaa: Egaan fiigicha dheeraatiin beekamaati waliigalaan dorgommiwwan idiladdunyaa meeqarratti hirmaattee, hammam mo’atte, meedaaliyaa meeqas argatte?**

**Komaandar Maarqos:** Hammana jedhee sirriitti beeku baadhus, dorgommiwwan 200 ol irratti akkan hirmaadhe ragaan Atileetiksii Addunyaa ni mul’isa. Kanneen keessaa %80 ol mo’adheera. Kanneen hafan ammoo 2ffaa, 3ffaa darbes mo’amuufi adda kutanii ba’uun nimudata. Akka waliigalaatti garuu yoon bakkan barbaade ga’eera jechuu baadheyyuu carraan argadhetti fayyadameera; carraqabeessan ture jedheen amana.

**Bariisaa: Kana keessatti egaan bu’aa ba’iin hindhabamuutii mee wantoonni si mudatan maalfa’i?**

**Komaandar Maarqos:** Baay’etu jira. siyaasaan walqabatee akkan biyyakoof hinfiignellee dhorkamee beeka. Jibba addaddaa narratti mul’ifamaa, waanin hintaane narratti moggaafamaa darbees qeeqamaa tureera. Kanneen keessa darbeen egaan hamma barbaadame ta’uu baatus hiriyyootakoo waliin ta’uun hanga atileetota Oromoo gara hoggansa federeshiniitti fiduu danda’e.

**Bariisaa: Jiruukee keessatti yeroon ati ulfaataadha jettee abdi kutatte jiraa?**

**Komaandar Maarqos:** Akkuman sii kaase waa hundi naa mijatee dorgommiitti hindhufne. Yerooman garee biyyaaleessaatti makamerra kaasee qormaanni na mudachuu eegale. Asitti atileetota beebbeekamoo waliin nan shaakala garuu akkan isaan

waliin hindorgomne taasisuurratti rakkoo olaanaatu ture. Kanarratti loltuu ta'uunkoo daran na fayyadeera. Utuun loltuu ta'uu baadhee lubbuudhaan jiraachuunkooyyuu yaadessaa ture. Akkaataan guddinakoos daran na gargaareera. Waanin argachuu qabu argachuuf qabsaa'uu, gaafa rakkoon akkanaa na mudatummoo gadi jedhee dabarsuu na barsiiseera.

Wantoota na mudatan keessaa kanin yoomillee hindaganneefi na gaddisiisee darbe akkaataan garee Olompikii Ateensii keessaa ittihafeedha. Yommuun har'arra taa'ee yaadadhu waan daran natti dhaga'amudha. Dorgommichaaf huccuufi kopheekoo qabadhee, lakkoofsi naa kennamee anaa dorgomuuf jedhuu keessaa na hambisan.

Akkasumas Paariisitti dorgommiif deeme haaluma walfakkaatuun, "Ati biyya bakka buutee dorgomuu hindandeessu" jedhanii keessaa na hambisan. Yeroo sana waanin homaa dubbachuu hinbarbaanneef isaan galateeffadhee hoteela keessa turre keessaa gara biraatti jijjiirradhe.

**Bariisaa: Gammachuun ati yoomillee hindaganneewoo?**

**Komaandar Maarqos:** Yeroon baay'ee ittigammade atileetota ciccimoo warran foddaa televizhiniitiin ilaalaa ture Hayilee, Qananiisaafi Laagaatifaa wajjin yommuun fiiguudha. Inni biraan gaafan dorgommii maaraatooniitti seene, dhukkubbii miilaa cimaarraa bayyanadhee, sanuu osoo tiraakii fiigichaa hinxumuriin gara sanatti ce'ee, Losaanjalasitti yommuun haalan barbaaduun injifadhatti daran gammadeera.

**Bariisaa: Olompikii si'a meeqa dorgomte? Shaampiyoonaa Atileetiksii Addunyaawoo?**

**Komaandar Maarqos:** Isa Ateensi erga na dhorkanii booda, anis hirnaachuuf fedhan dhabe; yommuu waamichi naa dhihaatus fudhachaa hinturre. Shaampiyoonaa atileetiksiiimmoo kan Heelsinkii kuma shaniif filatamee boodarra didamee qophii torban tokkoo qofaan kumaafi 500 fiigee riikardii cabsuun mo'adhe. Akkasumas bakkuma amma shaampiyoonaa Addunyaa baranaa itti adeemsifame, Budaapeestitti dorgomtee sadaffaa ba'eera.

**Bariisaa: Namoonni Maarqos dafee fiigicha dhaabe jedhan jiru. Kanarratti maal jetta?**

**Komaandar Maarqos:** Dhugaadha. Keessumaa ergan gara maaraatooniitti dhufee utuman haala gaariidhaan hojjechaa jiruu weerarri Koviid -19 addunyaarratti uumame. Yeroo sana gara waggaa lamaaf gabaan fiigichaa inuma bade. Yommuu deebi'u ammoo faayidaan irraa argamu hangas mara waan hinturreef suutama suuta keessaa bahe. Waan si dhibu aniyyuu ammallee fiigicha keessaa ba'uukoo of hinamanne.

**Bariisaa: Maarqos har'a maalitti jiraree? Ispoortiin alawoo maal hojjetaa jira?**

**Komaandar Maarqos:** Utuman fiigicha keessa jiruu gara Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaatti dhufe. Garuu yeroo boqonnaakooti kanin hojjetaa ture. Federeshinichatti egaa mari'anneetuma dhiibbaa gochuun hiriyootakoo kanneen akka Silashii Sihinfaa waliin ittiseenne. Kanaaf ammoo ka'umsa kan naa ta'e dhiibbaan irranatti kaaseefi narra qaqqabaa ture, ijoollee kaanirras ga'aa waan tureef kana hambisuuf jennee ittigalle jechuudha.

Silaa ispoortii siyaasni walmakuu hinqabu. Garuu sirna ture keessatti lamaanuu walmakaa waan turaniif baay'ee rakkannee turre. Ispoorteesitoonni osoo hinjaallatiin gara siyaasaatti akka seenan taasifamaa ture. Wantoota akkanaa hambisuuf dirqama keessa seenuu eegalle. Federeeshinicha keessatti ani amma Walittiqabaa Koree Tekinikiiti. Akkasumas Pirezdaantii Waldaa Atileetota Itoophiyaati.

Biznasiis akkuman maallaqa argadheenin jalqabe. Kanaanis jalqabarratti kolleejjii baneen hojiitti seene. Hoteelas qaba. Yommuun kanneenitti seenu biiznasiif qofa yaadee miti. Biyyan keessatti dhaladhee guddadhee, sadarkaa kana akkan ga'uuf gumaacha taasisteeff animmoo maal gochuun qaba jedhuuni.

Hoteela banuuf ka'umsa kan naa ta'e gaafan cidha godhachuuf Magaalaa Naqamtee deeme, hiriyootakoo baay'ee wajjin deemnee hir'inni hoteelaa waan tureef bakkan sirnaan itti keessummeessuun dhabe. Kanarraa ka'uun bulchiinsa yeroosii gaafadhee yaadakoo fudhatanii lafa naa kennan. Isarraa ka'uun gaaffii ummatakoof deebii narraa eegamu kenne jechuudha. Hojiilee konistiraakshiniifi riil isteetii keessattis hirmaachaa jira.

**Bariisaa: Maarqos abbaa ijoollee meeqaati? Ejjennoo ykn fedhiin isaan atileetiksii qaban maal fakkaata?**

**Komaandar Maarqos:** Abbaa ijoollee dubaraa sadiiti. Ishee lammaffaan fiigichaaf fedhii qabdi, shaakalaas jirti.

**Bariisaa: Ijoolleenke afaaniifi aadaasaanii akka baraniif akkamiin guddisaa jirta?**

**Komaandar Maarqos:** Ijoolleenkoo sadanuu kan dhalatan Ameerikaati. Yeroo baay'ees gara sana deemuudhaan yeroosaanii dabarsu. Biyya haadhaafi abbaasaanii daran jaalatu. Gaafa nu waliin jiraatan ammoo isa beeknu malee waan biraa eessaa fuunee barsiisna? Waan qabnu isaaniif kennina.

Sana keessatti anis haatisaanis qooda olaanaadha kan qabnu. Akkoo, akaakaa, adaadaa, cessuma, wasiilaafi firootasaanii dubbisuu kan danda'an afaan maatiisaaniitiin waan ta'eef baruun dirqama. Kana jechuun afaan biraa baruun hinqaban jechuu osoo hintaane kan ofiis beekuu qabu. Garuu utuu isa na bira jiru hinlaatiiniif kan biraa hawwuufii hindanda'u.

**Bariisaa: Mee jireenya dhuunfaakee keessaa haa baanuutii akka waliigalaatti sochii atileetiksii si'anaa biyya keenyaa akkamiin ibsita?**

**Komaandar Maarqos:** Atileetiksiiin amma baay'ee guddateera; bal'ateeras. Yeroo nuti keessa turretti karra tokko duwwaatu ture. Har'a garuu atileetiksiiidhaaf karrawwan hedduutu jiru. Dur garee biyyaalessaa qofaatiini hammatamanii kan socho'an; dorgommiif biyyaa ba'uullee kan danda'an. Amma garuu bakkawwan addaddaatti gadi buufamee pirojektota hedduutu jira. Inni barbaade achirraa ka'ee gara barbaadu deemu danda'a. Dhuunfaadhaan beekamtii federeeshiniitiin gurmaa'anii bakkawwan dorgommiin jiru hundatti dorgomuu danda'u.

Gaafan kana jedhu guddina akka dhuunfaatti jiruudha. Sharafni isaan biyyaaf argamsiisanis akka laayyootti kan ilaalamu miti. Biyya bakka bu'aniif fiiguu keessatti ammoo inni kun miidhaa qaba. Ijoolleen yommuu akkas gadhiifaman walitti qabdee, sarara keessa galchitee akka biyyaaf fiigan gochuu keessatti hanqinni jira.

Kanaaf biyyaaf miidhaa qaba jechuudha. Kun akkam ta'uu akka qabu shaampiyoonaanumti Budaapeesti waan nutti agarsiisu qaba. Teenyee mari'annee attamitti gara sarara biyyi kun barbaaddutti fiduun atileetiksiiidhaan waamsisuu dandeenya isa jedhu ilaaluu nurra jiraata.

Kana malees atileetiksiiin keenya isuma kaleessa Abbabaa Biqilaafaa ittiin eegalaniin jira malee gadi buusnee meetira 800, 400fi 100tti hojjechuurratti dadhabina guddaatu jira. Kana gochuuf federeeshiniin qofaasaa waan godhu hinqabu. Sababnisaas kanfaltii guddaadha kan barbaadu. Yoo argite ta'e biyyoonni guddatan kanneen akka Ameerikaa, Raashiyaafi Awustiraaliyaafaa yeroo baay'ee qabxii jalqabaarratti argamu. Isaan kunneen

dinagdee waan qabaniif fiigichawwan gaggabaaboorratti daran hojjetaniiru. Gaafan akkas jedhumoo humnaa oli jechuukoo miti. Xiyyeeffannoon kennamnaaniif atileetiksii sadarkaa yaadnuun ga'uu ni dandeenya; hirmaannaa qaamolee hundaan jechuudha.

Utaalchoo, darboofi ispoortiiwwan kaanirra hinjirru. Biyyuma ollaa keenyaa Keeniyaa yoo fudhatte garuu akaakuuwwan atileetiksii hedduu keessa galanii jiru. Kun fakkeenyummaa gaarii nuuf ta'uu danda'a.

**Bariisaa: Dorgommii atileetiksiiirratti miirri garee laafaa jira jedhamaatii kanarratti ati maal jetta? Dhimma dhuunfaaf fiiguufi haala waliigalaa naannawa kana jiru akkamitti ibsita?**

**Komaandar Maarqos:** Kanarratti mari'achuu qofa osoo hintaane, qaama dhimmichi ilaallatu gaafachuu keessattiyyuu baay'ee deemneerra. Naamusni atileetiksii kufaa jira; sababasaammoo ni beekna. Atileetonni keenya dur yommuu mo'anii deebi'an simannaa gaariitu taasifamaaf, badhaasawwan hedduutu kennamaaf; akka ka'umsa qabaataniif waan gaariitu ta'aaf. Har'a garuu gidduutti haala hintaane keessa galuun yeroo atileetonni barbaadaman mo'an badhaasuu, yeroo kan isaan hinbarbaanne mo'an ammoo badhaasa dhowwachuutu jira. Inni kun ilaalcha atileetiksiiif jiru dabse.

Fakkeenyaaf bardheengaddaa Itoophiyaan qabxii olaanaa argattee turte. Sadarkaa addunyaatti Ameerikaatti aantee lammaffaa baate; akka Afrikaattimmoo tokkooffaa taate. Bu'uurri sun waan baay'ee jijjiire. Kanaaf wanti kaleessa taasifame har'as atileetota keenyaaf taasifamuu qaba.

Fakkeenyaaf Atileet Taammiraat Tolaa dhuunfaadhaan utuu dorgomee Doolaara kuma 500tu kanfalamaaf. Biyyaaf yeroo ta'uu garuu kuma 40-60 hincaalu. Kanaaf nama akkanaa aarsaa of godhe kanaaf waan isaaf malu gochuufiin barbaachisaadha. Inni kun xiqqooshee ilaalcha biyyaaf fiiguu sana jal'iseera.

Inni biraa akkaataa hojii keenyaas ilaaluuun barbaachisaadha. Akkaataa federeeshiniin leenjistootaafi atileetota fidu rakkoo mataasaa ni qaba. Isa duraarra baay'ee fooyya'insaa qaba. Garuu sirriitti gadiqabaniif ilaalani, eenyuutu dheerina kamirratti yoo fiige bu'aqabeessa ta'a isa jedhu ogummaan ilaaluu qaba. Akka waliigalaatti garuu bakka barbaadamu hingenye, baay'ee irraa fagoo jira. Bakka barbaadame ga'uuf hirmaannaa hundaa barbaada.

**Bariisaa: Filannoo atileetotaatiin walqabatee utuu federeeshinii hinqaqqabiin godarraa kaasee rakkoo akka qabu, ijoolleen dandeettii qaban sababa qarshiifi fira beekan hinqabneef filannoo keessaa hafu waanti jedhamu ni ka'aatii kanarratti maal jetta mee?**

**Komaandar Maarqos:** Ani qaama atileetota filatu keessaa tokko. Walittiqabaa Ittaanaa Tekinikii, Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaati. Kanarratti dogoggorri hinjiru jechuu hindandeenyu; jiraachuu ni mala. Dogoggorri har'a jiru garuu isa kaleessa nurra ga'aa ture miti. Filannoon taasifamu caalaatti eenyu yoo dorgome qabxiin dhufuu danda'a isa jedhuun taasifama.

Ani akka Waldaa Atileetota Itoophiyaatti waanin mormu qaba. Seera taa'een atileetota filachuun sirriidhumatti jira. Sadarkaa godaatii kaasee iddoo itti cabu hinqabu. Garuu wanti jiru seera sana da'eeffachuudhaan gara nama barbaadaniitti jallisuudha. Kanammoo qofaakee miti kan ati hambistu. Kutannoon hojjechaa suuta suuta sirrata.

Fakkeenyaaf dorgommii dheengadda Budaapeestitti taasifamerratti dhimma Atileet Xilaahun Hayileetiin walqabatee ka'u haa ilaallu. Xilaahun silumasaayyuu nama afraffaadha. Kan inni dorgomuu danda'us

yoo namoonni isa dura jiran rakkoodhaan ykn sababa wayiitiin keessaa hafan malee mirga inni qabu Barrihunis qaba. meetira kuma shaniin nama tokkoffaadha. Innis deebi'ee fiiguu kan danda'u yoo meetira kuma 10 irratti Iffaa hanga 3ffaa bahedha kan jedhu qaboo yaa'idhaan qabamee kan taa'eedha. Carraa sanammoo kan qabu Barrihun qofa miti. Dubartootaanis meetira kuma 10n atileetonni sadii Latasanbat, Ijjigaayyoofi Gudaaf ni qabu. Isaaninis kan jenne isa gajjalaa deebi'anii fiiguuf kan kuma 10, 1-3 yoo ba'uu danda'aniidha. Akkuma argine Ijjigaayyoonis Gudaafis fiiganiiru. Latasanbat kuma 10 irratti miidhaan ittihadha'amee hinfiigu waan jetteef nama afraffaarra kan jirtu Fireewayiniif carraan kenname.

Kanaaf eenyuufuu jedhamee wanti taasifame ykn eenyuufuu jedhamee wanti hafe hinjiru. Barrihunis carraadhumasaa fayyadame. Kanammoo Xilaahun gaafa deeme ni beeka ture. Gaafa deemu utuu miidhaa xiqqoo qabuu dirqama waan ta'eef eeggataa ta'ee deeme. Gaafa Xilaahun nama afraffaa ta'ee akka fiigu kan godhame mari'atamee biyyaaf yaaduun ala homaanuu walhinqabatu.

**Bariisaa: Komii biraan ka'u ammoo, madda atileetotaa kan taate Oromiyaan hirmaannaan ishee daran gadi bu'eera kan jedhuudha. Kun maalirraa madde, isinoo akka federeeshinitti dhimmicha ilaaltanittuu?**

**Komaandar Maarqos:** Qabxii gaarii kaaste. Wanti nuti yeroo itaanutti xiyyeeffannaadhaan irratti hojjechuu qabnu kanadha. Oromiyaa keessaa atileetiksii qofa miti ispoortii baay'eensaa badaa jira. Ijoolleen carraaqqii mataasaaniitiin dhufaa jiru malee godaa kaasee hojiin qixa sirriidhaan hojjetamee dhufaa jira jechuun hindanda'amu.

Yeroo duraa kilaboonni gara 20 ta'an dhaabatanii turan. Yeroo murtaa'eeffis sochiin taasisaa turan ni jira. Sanaa booda garuu inuma bade. Wayita ammaa kilaboonni sunneen nama lama, sadii qabataniitidha maqaadhaaf jirra kan jedhan. Kan immoo sirriitti ittideemee hojjetaa jirus ni jira. Kanarratti hojiin hojjetamuu qabu waan hinhojjetamneef caalaatti hojii kan barbaaduudha.

Silaa haala taa'umsa, qilleensa, nyaataafi wantoota mijatoo qabaachuutiin Oromiyaa keessaa ture atileetonni hedduu madduu kan qaban. Olompikiwwan kana dura darban keessatti yoo ilaalte meedaalistoanni Itoophiyaa hedduun %95 ijoollee Oromiyaarraa maddaniidha. Sun bu'uura guddaa nuuf ta'uun osoo irra jiruu, har'a sana dagachuun, qaamni dhimmisaa ilaallatu kana jijjiiruu dhiisuudhaan wanti amma mul'atu mudate.

Kanarratti iyyinee dadhabnee dhiisne. Namoota kanneeniif ittiddihoo ta'aniifi iddoo guguddaarra jiran galtee haasofsiisnee sosochii guddaa hojjennee turre. Garuu nurratti gatuuudhaan sadarkaa kana qaqqabeera. Akka fakkeenyaatti waanin sii kaasu tokko, shaampiyoonaa Itoophiyaa baranaarratti Oromiyaan hamma hirmaachuu dhabuutti qaqqabee ture. Kana jechuun hammam akka namatti dhaga'amu yaadi. Gaafa guyyaan lama sadii hafuudha dhufanii kan hirmaatan. Haala amma jiruun sadarkaa dhumaarra ga'eera jechuun ni danda'ama.

Isa kanaaf sababoota kaasan addaddaa qabaachuu danda'u. Garuu isa darbetti gaabbinee isa dhufurratti yoo hojjenne malee daran yaadessaadha. Atileetiksiiin yeroo dheeraa waan barbaaduudha. Waan har'a hojjetee har'uma hinargattu. Ammumaa godaa kaaste yoo hinfiddu ta'e sadarkaa barbaadamu ga'uu hindanda'u. Wantoota dura turantu sadarkaa kufaatii atileetiksii Oromiyaa har'aatiif fide jechuudha.

**Bariisaa: Bu'aan atileetonni Itoophiyaa Shaampiyoonaa Atileetiksii Addunyaa**

*Gara fuula 14tti*

# AADAIFI AARTII



## Baandii Shanana Gibee indastirii Muuziqaa Oromoo guddisuu keessatti

### Waasihun Takileetiin

**G**aafa wallee, “Asham yaa maatabee, asham yaadammakoo asham yaa Niqiisee ashaam yaa kuulatoo; akka badee hindhufnee Gibeen nahinceessisu; akkan obsee hinteenyeef Maatabeekoo; yaadoodonkee na hinteessisu; ya haadha Faaris Faaroo beenu hinbuuna katamaa Aggaaroo” jedhu dhageenyu dachee Shanana Gibee biyya Abbaa Jifaar Jimmaa yaadachuun keenya hinoolu. Kanaafimmoo Doktora Kabajaa Artisti Xilaahun Gassasaa hojii gaarii hojjetee darbeera.

Jimmi aartii muuziqaa qofa miti aartii mukaatiin, kalaqa qoricha aadaatiin, ogummaa uffata dhahuutiin, meeshaalee gara garaa hojjechuun har’a mitiitii durii kaasee warra maqaa guddaa qabuudha yoon jedhe harbeessuu hinta’u, haqa akka ibsaa tulluurraa hundatti mul’atu waan ta’eef.

Wallee Doktora Kabajaa Xilaahun Gassasaatiin eegaluu koo isiniif weellisuuf miti artistoonni hedduun miidhagsanii sirbaniifiiru. Kan akka Artisti Haacaaluu Hundeessaa, Tafarii Salaalee, Taaddalaa Gammachuu, Mahaammadsaanii Zubeer (Abbaa Giddii)faa maqaa dhahuun ni danda’ama.

Dubbistootaa, waa’ee Jimmaa kaasuun keenya sochii Baandiin Shanana Gibee muuziqaa Oromoo guddisuuf itti jiru hundeeffamasarraa kaasee isin dubbisiisuuf yaanee qindeessaa baandichaa Artisti Margaa Tafarraa dubbisneerra.

Indastirii muuziqaa Oromoo guddisuuf sadarkaa Oromiyaatti godinaalee gara garaa keessatti baandiin hundaa’ee irratti hojjetamaa kan jiru yoo ta’u, kutaa kana keessatti hundeeffama Baandii Shanana Gibee, guddina aartii Oromoo keessatti qooda isaan bahachaa jiraniifi haala baandichi yeroo ammaa itti jiru isin dubbisiisna.

Baandiin Shanana Gibee bara 1985 kan hundaa’e yoo ta’u, maqaa garee hawwisoo magaalaa Jimmaa jedhamuun beekamaa ture jedha Margaan.

Haata’uutii deemsa keessa hojii baandichi

hojjetaa jiru indastirii muuziqaa Oromoo guddisuu keessatti olaanaa waan ta’eef maqaa isa madaaluun waamamuu akka qabu yaanni ka’uu ni dubbata.

Kunis ayyaana Iid al-Adahaa Magaalaa Asoosaatti bara 1993 kabajamerratti namoonni akka Saamu’el Dhaabaafi Abrahaam Nigusee yaada nuu kennan hordofnee maqaa qaali “Shanana Gibee” jedhuun mogga’ee hojjiisaa ittifufuu kaasa.

Haaluma kanaan maqaa Wiirtuu Hawwisoo Jimmaa jedhu dhiisuun bara 1993 kaasee maqaa Baandii Shanana Gibee jedhu moggaafachuun muuziqaa Oromoo irratti hojjechuun eegale. Moggaasni maqaasaa yaadannoo maqaa mootota Shanana Gibee Geeraa, Gumaay, Gommaa, Limmuufi Jimmaa kan bakka bu’uufi seena qabeessa jedha Artisti Margaan.

Hundeessitoonni baandichaa namoota 14 yoo ta’an isaan keessaa kanneen akka Margaa Tafarraa, Badiruu Ahmad, Hasan Abbaa boor, Yawubdaar Geetaachoo faan ni eeramu.

Baandiin Shanana Gibee muuziqaa Godina Jimmaa baasee agarsiisuun ala akka Oromiyaatti kan godinaalee gara garaas hojjechuun imala indastirii muuziqaa Oromoo addunyaaf beeksisuufi milkeessuuf kutannaan hojjetaa jiraachuu qindeessichi kaaseera.

Muuziqaan afaan addunyaati isa jedhamu ibsuuf kan godinaalee Oromiyaatiin ala sabaafi sablammoota naannawa Jimmaa jiran kan uummattoota kibbaa tokko tokkos dabalataan hojjetaa kan jiru baandichi, warraaqsa muuziqaa Oromoo babal’isuufi guddisuu qabatee ka’e milkeeffachuuf imala gaariirra jiraachuus ni eera.

Aartiin muuxannoo dhaalamaa deemuu qabu waan ta’eef akaakuuwwan shubbisaa dhalootarraa dhalootatti darbaa dhufan labata boriifis akka darbaniif sochiiwwan gara garaa taasifamaa jiraachuu dubbata.

Akaakuuwwan shubbisaa akka godinichaatti jiran jaha ta’uu kan ibsu Margaan, Shanana Gibees kanuma giddugaleeffatee osoo duudhasaanii ganamaa hingatiin dhalootatti akka darban hojjetaa jiraachuufi isaanis shubbisaa Gad-tumee, Oloofee, Sussukee,

Qomaanqabaa, Gundaafi Xaawulaa ta’uu eera.

Aartiin keenya agarsiisaaf qofa kan dhiyaatu osoo hintaane ibsituu eenyummaa agarsiistuu qaroominaafi madda galii akka ta’uuf irratti xiyyeeffatamee hojjetaa kan jirudha jedhee, yeroo ammaattis haala gaariirra jiraachuu kaaseera. Miseensonni Baandichaa yeroo ammaa dhaabiin hojiirra jiran 29 yoo ta’an, kanneen keessaa 19 dubartoota.

Baandiin Shanana Gibee hundeeffamasarraa kaasee aartistoota ciccimoo har’a beekamtii horatan baasaa kan jiru yoo ta’u, kanneen of danda’anii sirboota gara garaa qopheessuun beekamtii argatan hedduu ta’uu nutti himeera.

Akka fakkeenyaatti bu’aalee Baandii Shanana Gibee kan ta’an kanneen akka Artisti Nafiisaa Abdulhakiim (Jimmamoo Daabanaa), Artisti Bashiriya Borshaa, (Washii) Artisti Kadir Ahmad (Dammee)faa maqaa dhahuun ni danda’ama.

Yeroo ammaattis baandichi miseensotasa qabatee hojiilee aartii indastirii muuziqaa Oromoo fuulduratti tarkaanfachiisan gara garaa qindeeffatee hojjetaa kan jiru yoo ta’u, yeroo dhiyoottis kiliippii haaraa gurraafi ija ummata gahuuf qophiitti jira jedha qindeessichi.

Baandiin qofti jiraachuun misooma muuziqaa si’eessuu keessatti gahaa waan hintaaneef akka fakkeenyaatti yoo fudhanne Finfinneefi Shaggaritti dhaloota guddatoo aartiin ijaaramaa jiru kan godina Jimma maal itti jira isa jedhu Margaa gaafannee turre; gama kanaan hojiin hojjetamaa jiru hagas mara miti jedhe.

Haata’uutii bara bajataa 2016 kana keessa sadarkaa godina hanga gandaatti daa’imman guddatoo qindeessinee barnoota aartii godinichaan ijaaraa muuziqaa Oromoo cimsuufi baandicha humneessuuf karoorsinee hojiitti seenneerra jedha.

Guddinni aartii tokko dabalaa deemuu kan danda’u beekamtii argachuu qofaan miti kan jedhe qindeessichi dhaloota duuba jiru sadarkaa mana barnootaarraa kaasee aadaa aartii muuziqaasaniin ijaaramanii akka bahaniif kanaan dura hojiin hojjetame xiqqaadha.

Amma garu karoora 2016 qabanne kana keessa daa’imman kennaa aartii qaban sakatta’aa jiraachuufi yeroo ammaattis kanneen fedhiifi dandettii addaa qaban walitti qabachaa jiraachuus ibseera. Baandiin tokko hamma fedheyuu artistoota guguddoo horatus yoo guddatoota itti guddisaa hindeemne egeere bandichaatiif abdiin kan ta’an qabna jechuun hindanda’amu.

Baandiin Shanana Gibees kanuma giddugaleeffachuun xiyyeeffannaasaa daa’imman olguddatoo fedhiifi kanaan aartii keessasaanii jiru walitti qabuu kan eegale yoo ta’u, sadarkaa Oromiyaarra darbee akka biyyaatti akka Afrikaatti aartii Oromoo guddisuuf humna guutuun hojjetaa jira jedha.

Dinagdeen of humneessuufis waltajjiwwan gara garaatti hojiileesaa baasee ummata bohaarsaa kan jiru Baandiin Shanana Gibee miseensotasaas bifuma walfakkaatuun deeggaraa aartii muuziqaa Oromoo cimsuuf hojjetaa jiraachuu eera Margaan.

Meeshaaleen muuziqaa kanneen yeroo ammaa ittifayyadamaa jiran hedduunsanii kan yeroon itti darbe yoo ta’an galii waltajji gara garaarra argataniinis muraasa bitachaa of humneessaa jiru. Ta’us hanqinni meeshaalee muuziqaa hudhaa itti ta’uus ibsee, qaamoni quuqama qaban akka isaan deeggaranis gaafateera.

Baandichi guddachuu jechuun muuziqaan Oromoo guddachuu jechuudha jedhee yeroo ammaattis hojiilee muuziqaa haaraa qabatanii as bahuun ijaafi qalbii ummata hawwachuuf qophiin xumuramuus yaadachiiseera.

Baandichi hundeeffamasarraa kaasee osoo hindiigamiin hojiilee muuziqaa jajjabeessoo qopheessuurra darbee weellistoota ciccimoo gara garaa horachuun Oromiyaaf arjoomeeras jedha.

Walumaagalatti kanneen indastirii muuziqaa Oromoo guddisuuf socho’aa jiran keessaa Baandiin Shanana Gibee isa tokko yoo ta’u, yeroo ammaattis sochii ofii taasisaa jiran cinaatti daa’imman guddatoo sakatta’uun leenjii ogummaa aartii muuziqaa kennuun dhaloota waalaloo yeedaloo muuziqaan badhaadhe ijaaruu hojiitti seenneera.



# Abbaa Sa'aa

## Zoonii dinagdee addaa guddicha Afrikaa Bahaa; Finfinneetti

### Saamraawit Girmaatiin

Wayita pirojektota guguddoon guddina dinagdee Itoophiyaa mirkaneessan baay'inaan hojjetamaa jiru. Pirojektota kunneenis haala qabatamaa biyyaa jijjiiruurra darbee carraa hojii bal'aa uumaafi imala biyyattiin ce'umsa gara indastiriitti taasistu deggaruu keessatti gahee olaanaa qabu.

Pirojektiiwwan hojjetaman keessaas zooniiwwan dinagdee babal'isuun isa tokko yoo ta'u, torban kanas Magaalaa Finfinneetti zoonii dinagdee akka Afrikaa Bahaatti guddaa ta'e ijaaruu dhaabbata biyya Chaayinaa waliin waliigalteen mallatteeffameera.

Sirna kanarratti argamuun haasawa kan taasisan Kantiibaan Magaalaa Finfinnee Adaanach Abeebbe akka jedhanitti, hojii walta'iinsa damee dhuunfaafi mootummaatiin cegalame babal'isuun muuxannoofi gahumsa sadarkaa idiladdunyaa kan qabu kaampaani Chaayinaa guddicha 'First Highway Engineering Group - FHEG' wajjin shariikaan hojjachuuf lafa hektaara 35 liizii yerootiin tilmaamee kan dhihaate yoo ta'u, dhaabbatichi faayinaansii, teknolojiifi muuxannoo qabatee ijaarsicha kan adeemsisu ta'a.

Walgeettii idiladdunyaa kan qabuufi 'Addis Tumoroo' jedhamuun kan beekamu pirojektii kun teknoloojii ammayyaawaa fayyadamuun ijaarsicha akka adeemsisu eeranii, zooniin dinagdee addaa ijaaramu kun zoonii daldalaafi dinagdee idil addunyaawaa, zoonii barumsaafi aadaa, zoonii faayinaansiifi biizinasii, akkasuma zoonii manneen jireenyaa ammayyaa kan of keessatti hamate ta'uu dubbatu.

Pirojektichi dinagdee biyyattiif handhuuraafi wiirtuu qo'annoofi qorannoo teknoloojii ta'ee kan tajaajilu akkasumas shooraa sadarkaa idiladdunyaawaa magaalaa Finfinnee kan olkaasu ta'uu, namoota hedduuf carraa hojii uumuu kan danda'u pirojektii guddaa ta'uus ni ibsu. Magaaltii pirojektotni guguddoo



Wayita sirni waliigaltee mallatteeffametti

kan itti eegalaman qofa osoo hintaane kan qulqullinaan ijaaramanii itti xumuraman ta'uun magaalaa akka fakkeenyaatti kaatu ta'uus eeraniiru. Milkaa'ina waliigaltee kanaatiif Ministirri Muummee Itoophiyaa Abiyyi Ahmad (PhD) shooraa bahataniifis galateeffataniiru.

Itoophiyaatti Ambaasaaddarri Chaayinaa Zyaa'oo Ziyowaan gamasaaniin, Itoophiyaafi Chaayinaan biyyoota yeroo dheeraaf hariiroo tarsiimawaa qaban ta'uu himanii, pirojektii 'Addis Tomorrow' qindoominaan hojjetamu miidhagina magaalattii caalaatti kan mul'isuufi carraa hojii kan babali'su ta'uu himu. Magaalaan Finfinnee hojiiilee siyaas dinagdeefi hawaasummaa guyyuu raawwatuun jijjiiramaa jiraachuufi keessumaa intarpiraayizooni Chaayinaa baay'inaan magaalattii seenanii hojiiilee hedduu hojjetaa jiraachuu kaasu.

Hayyoonni dinagdee dhimmicharratti yaada kennan akka jedhanitti, pirojektii ijaaramu kun maddawwan galii bal'isuun guddina dinagdee magaalatti guddisa.

Yunivarsitii Finfinneetti Arkitektiifi Barsiisaan Kolleejii Gamoo Bisraat Kiflee yaada AMN'f kennaniin pirojektii haaraa kun Finfinneef miidhagina dabalataa uumuu cinaatti bifa magaalaa Afrikaa ta'uushee ishee uwwisu ta'uu himu. Magaaltiiin waggoota muraasaa as pirojektota ulaagaa



Dizaayinii zoonii dinagdee 'Addis Tomorrow'

magaalummaa guuchisan argachaa jiraachuufi pirojektota kanneen akka paarkii Inxooxxoo, Addababa'ii Michummaa, Paarkii Tokkummaa, Godambaa (Muuziyeemii) Saayinsii, Addababa'ii Masqalaafi kkf akka fakkeenyaatti eeruun ni danda'ama jedhu.

Akka biyyaatti barsiifanni pirojektota meegaa eegalani xumuruu dhabuu akka ture yaadachiisani, wayita ammaa kun jijjiiramee pirojektota guguddoo yeroo

gabaabaa keessatti xumuramanii tajaajilaaf yoo oolan kan mul'atu ta'uu himu. Kunimmoo aadaa hojii cimee ittifufuu qabuufi haala biyyattiin amma keessa jirtu kan gaafatu ta'uu kaasu.

Ijaarsi zoonii dinagdee kanaa Finfinnee, naannawa Gootaraa jedhamutti kan adeemsifamu yoo ta'u, waggoota ja'an ittaananitti lafti heektaarii 15 ta'u marsaa jalqabaatiin kan misoomu ta'a.

## Marii Biyyaalessaa...

Deessisaafi hayyoonni siyaasaa yunivarsiitiwwan gara garaarraa dhufan dhimmicharratti marii bal'aa taasisaniiru.

Obbo Hayiluun haasaa baniinsaa taasisaniin akka jedhanitti, Mariin Biyyaalessaa walittibu'iinsaafi gaaga'ama siyaasaa sababa walhubanna dhabuutin dhufu hir'isuuf gargaara. Marichi gareewwan gidduutti riqicha ta'uun walittibu'iinsota mariifi ilaafi ilaameedhaan furuun hunduu dhimma biyya ijaaruurratti yaada waloo akka qabaatan kan taasisuudha. Marichi dirree siyaasaa murnoota muraasaan dhuunfatame bal'isuun kutaaleen hawaasaa hundi dhimma biyyasaaniirratti akka mari'atan taasisuun madda walhabbiin hir'isuun walhubannaan akka uumamu taasisa. Mariin Biyyaalessaa waltajjii aadaan marii ittishaakalamuufi siyaasni dorgommii yaadaa itti dagaaguudha jechuun

ta'uus himaniiru.

Mariin biyyaalessaa rakkoo siyaasa biyyattii barootaaf gangalataa ture furuufi ilaalcha biyyaalessaa uumuuf kan gargaaru ta'uu himanii, akkasumas aadaa rakkoo mariifi ilaafi ilaameen furuu dagaagsuun rakkoo siyaasaa hundeerraa furuun ilaalcha waloo akka qabaanu taasisuuf kan gargaara. Marii Biyyaalessaa milkeessuuf Komiishiniin Araaraafi Marii Biyyaalessaa hojjechaa jiraachuufi mootummaan naannichaa milkaa'ina marichaaf tumsa barbaachisu taasisaa jiraachuus eeraniiru.

Marichi akkuma ce'umsa siyaasa biyyattii milkeessuuf carraa bal'aa uumu guutummaatti yaaddoorraa bilisa jechuu hindandeenyu kan jedhan Obbo Haayiluun, kanaafuu ummanni keenya marichaaf qophii barbaachisu taasisuu, bal'inaan irratti hirmaachuu, gaaffiiwwansaa karaa

qindaa'een dhiyeefachuu akka qabu yaadachiisaniiru. Hayyoonnis ummanni maricharratti hubannoo gahaa akka qabaatu taasisuurratti bal'inaan hojjechuu akka qaban dhaamaniiru.

Yunivarsitii Dirre Dhawaatti Barsiisaan Seeraa Doktor Roobaa Pheexiroos barreeffama ka'umsa marii dhiyeessaniin akka jedhanitti, Mariin Biyyaalessaa rakkoolee siyaasa biyyattii mariifi ilaafi ilaameedhaan hundeerraa furuuf, nageenya ijaaruufi walhabdeefi walittibu'iinsa siyaasaa furuuf gargaara. Marichi rakkoon siyaasa biyyattii mariin furuufi seenessa dabee barreeffame sirreessuuf kan gargaaru ta'uu himanii, rakkoon afaan qawweetiin furamu waan hinjirreef rakkoo siyaasaa keenya mariidhaa furuun barbaachisaa ta'uu eeraniiru.

Mariin Biyyaalessaa hunda hammataa

ta'uu qaba jedhanii, qaamoleen maricha gufachiisuuf socho'an gochasaaniirraa of deebisu akkan qaban ibsu. "Nageenyi karaa nagaatiin dhufa. Sabni nagaa barbaadu utuu madfiin hindhuka'in dura waan nagaa booressurraa of qusachuu qaba. Akkuma summii xiqqoon qaama namaa guutummaa miidhu, qaawwi nageenya xiqqoonis hawaasa bal'aa waan uuf hunduu nageenyaaf tumsuu qaba" jedhan.

Hayyoonni seeraafi siyaasaa akka jedhanitti, mariin biyyaalessaa biyyattiitti adeemsifamuuf jedhu rakkoolee siyaasaa barootaaf turan mariidhaan furuun hunduu ijaarsa biyyaarratti ilaacha waloo akka qabaatu kan taasisuudha. Marichi dawaa dhibee siyaasa biyyattii fayyisuuf waan gargaaruuf kanneen maricha gufachiisuuf socho'an tooratti deebisuun barbaachisaa ta'uu ni dubbatu.

## ODUU

# Bara 2016 irraa kaasee akaakuuwwan barnootaa haaraa sadii Oromiyaatti ni kennamu

- Oromiyaafi Tigraayitti hojii baruufi barsiisuutiif qophiin taasifamaa jira

Waasihun Takileefi Gammachuu Kadiriin

**Finfinnee:** Bara barnootaa 2016tti akaakuuwwan barnootaa haaraa sadii dabalataan kennuun kan eegalamu ta'uu Biiron Barnoota Oromiyaa ibse. Oromiyaafi Tigraayitti hojii baruufi barsiisuutiif qophiin taasifamaa jiras jedhame.

Hogganaan Biiron Barnoota Oromiyaa, Doktor Tolaa Bariisoo ibsa Roobii darbe Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin akka jedhanitti, barnoonni Safuu, Intarpiriinarshiippii Ogummaa manneen barnootaa naannichaatti kennuun ni eegalama.

Barnoonni Safuu manneen barnootaa idileen duratti kan kennamu ta'uus ibsanii, barattoonni jijjiirama qorqalbiin akka qabaatan, safuufi aadaasaanii akka beekan, teknoloojii wajjin akka tarkaanfataniiif yaadaan akka bilchaatan kan taasisuudha jedhaniiru.

Barnoonni Intarpiriinarshiippii sadarkaa 1ffaa kutaa 1ffaa hanga 6ffaa keessatti akka kennamu ibsanii, kunis dhaloonni ol

adeemaan ga'umsa intarpiriinarshiippiirratti bilchina horataa akka guddatuufi haaldureesaa egereef jaala kan mijjeessuuf ta'uus dubbataniiru.

Barnoonni Ogummaa kutaa 7ffaa hanga 12ffaatti kan kennamu ta'uu eeranii, kaayyoonsaa barattoonni ogummaawwan gara garaatti miira ofitti amanamummaafi dandeettii kalaqaa horataa akka deemaniif kan gargaaru ta'uu ibsaniiru.

Barsiisota akaakuu barnootaa kanneen barsiisaniifis leenjiin kan kennamu ta'uu Doktor Tolaan eeranii, waltajjiin barnoota kanneen beeksisuus dhuma baatii kanaatti hayyoota, bakka buutota hawaasa mana barumsaa, qondaalota, mootummaafi abbootii Gadaa wajjin akka adeemsifamu himaniiru.

Qophii kitaabilee barnoota kanneenii ilaalchisees, hanqinni mudachuu akka danda'u dubbatanii, haaluma barameen jala jalaa guutaafi softi koppii fayyadamaa baruufi barsiisuun akka ittifufuuf hojjetamaa jiraachuu beeksisaniiru.

Hanqina barsiisaa mudachuu malu furuufis supparvaayzeroota 3000 jiran

keessaa 2200 gara barsiisummaatti akka deebi'an gochuun hudhaa jiru maqsuuf kan hojjetamu ta'uullee yaadachiisaniiru.

Oduudhuma walqabateen hojii baruufi barsiisuu bara barnootaa 2016 milkeessuuf qophiin taasifamaa jiraachuu biiroleen barnootaa naannolee Oromiyaafi Tigraayii beeksisan.

Hogganaa Ittaanaan Biiron Barnoota Oromiyaa Obbo Girmaa Baay'isaa ibsa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf torban kana akka ibsanitti, bara barnootaa 2016tti barattoota miliyoona 11.4 ol galmeessuuf karoofamee hojiitti galameera. Kanneen keessaa miliyoona 5.4 (%47) dubartoota.

Galmeessichi barattoota haaraa, buleeyyiifi kanneen sababoota addaddaatiin addaan kan ilaallatu ta'uus eeranii, biirichi milkaa'inasatiif hojiilee garagaraa hojjetee jedhan. Barattoonni harkaqaal'eeeyyiif dhaabbilee gargaarsaa Chaayinaafi 'UNICEF' wajjiin ta'uun meeshaalee barnootaa qarshii miliyoona 53n bitamee akka raabsamus ibsanii, sagantaa soora barattootaatiinis barattoonni miliyoona 7.5 nyaata akka argataniif

qophiin taasifamuu dubbataniiru.

Galmeessi barattoota kun akka milkaa'uuf maatiin barattoota, hawaasni naannawaafi qaamoleen hundi akka tumsaniif waamicha dhiyeessaniiru.

Gama biraatiin ogeessi kominikeeshinii Biiron Barnootaa Naannoo Tigraay Obbo Solomoon Gabratsadiq akka jedhanitti, naannichatti hojii baruufi barsiisuu eegalsisuuf qophiin xumurameera. Bara barnootaa 2016f barattoota miliyoona 2.4 barnootatti deebisuuf nihojjetama.

Weerara dhibee koviid-19fi waraana naannicha keessa tureen sirni baruufi barsiisuu waggoota sadiif addaan citee ture iddootti deebisuuf hojjetamaa jiraachuu kaasanii, milkaa'inasatiifis hojiin ijaarsa dandeettii barsiisotaa gaggeeffamaa akka jiruufi manneen barnootaa kuma ja'aafi 600tti Hagayya 25 irraa eegalee galmeessi barattoota jalqabamuu himaniiru.

Karaa biraatiin, bara barnootaa 2016tti manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa Itoophiyaa hundatti sirni barnoota haaraa hojiirra akka oolu Ministeerri Barnootaa beeksiseera.

## "Miseensummaan

Hayyuun kun ibsa dheengadda Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, Itoophiyaan biyya argama Komishinii Dinagdee Afrikaa, teessoo Gamtaa Afrikaafi biyya sochiin dinagdee si'aayaan keessatti gaggeeffamaa jiru keessaa tokko waan taateef gaaffiin miseensummaa garee kanaaf isheen dhiheessite fudhatamummaa akka argattuuf sababoota taasaniidha.

Itoophiyaan durii kaasee hanga har'atti biyyoota garee BRICS waliin hariiroo dippilomaasii gaarii qabaachuunshee wantoota fudhatamummaa gaaffii miseensummaa isheef gargaaran keessaa isa tokko akka ta'es ni eeru.

Waggoota 15 darbaniif Itoophiyaan guddina dinagdee walitti fufaa, yeroo waraana Kaabaa Itoophiyaafi boodas guddina ariifachiisaa galmeessisaa turuu eeranii, guddinni biyyattiin galmeessisaa jirtu kunis fudhatamummaa gaaffii kanaaf sababa ijoodha jedhaniiru.

Itoophiyaan biyya qabeenya uumamaan badhaate waan taateef namoota yookiin dhaabbilee gara biyyaattii dhufanii invasti godhan akka barbaaddu kan himan hayyuun kun, garee biyyoota BRICS kanatti dabalamuun biyyaattii, biyyootni garee kana keessa jiran kunneen gara biyyaattii dhufanii hojii investimantiirratti akka bobba'aniif daran kan gargaaru akka ta'e ibsaniiru.

Irrajireessi biyyoota miseensa garichaa biyyoota teknoloojiiif dinagdeen guddatan waan ta'eef, Itoophiyaan garee kanatti dabalamuun biyyoota kanneenirraa muuxannoo teknoloojii fudhachuun omishaafi omishtummaa dabaluuufis kan gargaaru ta'uu Doktor Lammaan ibsaniiru.

Gama dinagdeetiin fayyadamaa ta'uuf miseensummaa qofti gahaa akka hintaaneefi



Doktor Lammaa Guddisaa

Itoophiyaa keessatti qooda fudhattoonni dhimmoota dinagdeerratti hojjetan tajaajila si'ataafi ariifachiisaa teknoloojii deeggaramu kennuun, dhaabbilee biyyoota miseensa kanarraa hojii investimantiif gara biyyaattii dhufan simachuuf qophii ta'uu qabu jedhaniiru.

"Garee kana keessatti waliigalteen jiru biyyi tokko biyya kennu inni biroo immoo isa fudhatu ta'uu miti; waliigalteen garichaa kan waliin guddachuufi waliin fayyadamuuti. Kanaaf garicha keessatti fayyadamummaa dinagdeef morkataa cimaa ta'uun barbaachisaadha. Morkataa cimaa ta'uuf immoo adeemsa walirraa bituufi gurguruu keessatti omisha qulqullina qabu omishuun barbaachisaadha" jedhu.

Daldala alergii keessatti biyyootni garee kanaa maallaqa biyya keessaa akka fayyadaman kan eeyyamu waan ta'eef rakkoo hanqina sharaa biyya alaa hir'isuun daldala alergii dabaluuufis miseensummaan garee kanaa faayidaa qabeessa akka ta'e Doktor Lammaan ibsaniiru. Itoophiyaan biyya ummata miliyoona 100 ol kan qabdu waan taateef biyyootni guddatan kan miseensa garee kana ta'aniis omishasaanii gara biyya kanaatti gurgurachuun baay'ee fayyadamoo ta'uu akka danda'an kaasu.

## Gumaacha Wiirtuu Misooma...

Isaanis, hanqaaquu alatti qarshii 12n gurguramu bakka eerame kanaa qarshii saddeet, saddeetiin hanqaaquu 20 ayyaanaaf bitachuusaaniifi tajaajila wiirtichi kennaa jirutti daran gammaduu nutti himaniiru. Dhiyeessiin akkanaa qaala'ina gatii keessumaa kan ayyaanaa tasgabbeessuu waan danda'uuf otoo bal'inaan jiraattotaaf dhiyaatee gaariidha jedhu.

Obbo Zabbanaa Hayiluu ammoo Kutaa Magaalaa Nifaas Silki Laaftoorraa dhufanii otoo hanqaaquu gurguraniiti kan isaan arganne. Isaanis, gabaa tasgabbeessuuf fayyadamaaf omisha akka hanqaaquufaa gatii madaalawaan dhiyeessaa jiraachuu dubbatu. Kunis akka omishichi daldalaa harka hingalleef jiraattotaaf hanqaaquu 20, 20 tokko tokkoosaa qarshii saddeetiin gurguraa jiraachuu himanii, hanqaaquun tokko gabaarratti qarshii 12n, baazaariitti ammoo qarshii sagal sagalitti gurguramaa akka jiru dubbatu.

Ammaaf hanqaaquu qofa dhiyeessaa jiraachuufi fuulduraaf handaanqoos ittibaluuuf karoofanneerra kan jedhan Obbo Zabbanaa, aannaniifi dhadhaas dhiyeessaa jiraachuu nutti himaniiru. Gabaa ayyaana waggaatiif hanqaaquu baay'inaan qopheeffannee bitataa eegaa jirras jedhan.

"Omisha gahaatu jira. Karoora keenya gara fuulduraatiif gabaawwan Sanbataatti dhiyeessuuf qophiirra jiraanullee ammaaf suuqiidhuma keenyatti gurguraa jirra. Kutaalee magaalaa hundaaf dhiyeessuufis yaadaa jirra" jedhan.

Adeemsisaan Hojii Wiirtuu Misooma Beeladaafi Hayyoomaa Obbo Taaddasaa Tasfaayee akka jedhanitti, hojii

wiirtuusaanii keessumaa gabaa ayyaana tasgabbeessuuf hojjetaa jira. Wiirtuchi hojii kan eegale yeroo muraasa ta'us gabaa tasgabbeessuurratti waan guddaatu hojjetamaa jira. Omishonni keenya gatii madaalawaadhaan gabaaf waan dhiyaataniif dhiibbaa guddaanis uumameera.

Haala kanaan kutaalee magaalaa Finfinnee hunda waliin ga'uuf hojjetaa jirra jedhanii, akka walga'uuf namni tokko aannan qulqulluu liitira lama, lama tokkoosaa qarshii 70n, hanqaaquu 20 qarshii saddeetiin dhiyeessaa jiraachuufi adeemsa kana keessa daldalaan haaluma kamiinuu jiddu seenuu akka hindandeenye himu.

Namoonni sagantaalee adda addaa qaban sangaarraa eegalee omsihaalee keenya bal'inaan bitachaa jiru, waan gatiin keenya daran madaalawaa ta'eef. Gabaa ayyaanaatiifis sangaa, hindaanqoo, hanqaaquu qopheessinee bitataa eegaa jirra jedhan.

Komishanirri Komishinii Qonnaan Bulaafi Qonnaa Magaalaa Finfinnee Obbo Baayyuu Shigguxee gamasaaniin, komishinichi guyyaatti hanqaaquu miliyoona walakkaa (kuma 500) jiraattota magaalattiif dhiyeessaa jira. Qonnaan bultoonni hanga hanqaaquu kuma 15tti omishan jiru. Isaaniifis deggarsa taasisuun akka gatii madaalawaadhaan gabaaf dhiyeessan taasisaa jirra jedhu.

Iddoowwan gurgurtaa akka baazaariifaa qophaa'anis jiraachuu himanii, akkuma magaalattuu baazaariwwan 20tu jiru. Bakkeewwan kanneen hundatti omsihni hanqaaquufi hindaanqoo ni dhiyaatu. Kunis keessumaa gabaa ayyaanaa tasgabbeessuu keessatti gumaacha olaanaa qabaata jedhan.

## “Xiyyeeffannoon kennamnaan...”

**Hangaariirratti tibbana hirmaachuun fidan akka nama dhuunfaatti si gammachiiseeraa?**

**Komaandar Maarqos:** Wanti gammachiise jira. Sochiin jiru salphaa miti; garuu waan barbaannu hinarganne. Itoophiyaan waan argachuun utuu isheerra jiru dhabde ni qabdi. Fiigicha meetira kuma 10 dhiiraan nu harkaa bahaa erga dhufnee tuttureera. Akkasumas, maaraatoonidhaan humnaa ol ifaajjamus waan argachuun nurra ture dhabneerra. Meetira kuma shan dhiiraafi durbaanis akkasuma. Akkasumas bakkawwan tokko tokkotti aarsaa kanfalu qaban kanfalu dhabuun ni mul'ata.

Inni kun nutis dhaabannee akka of ilaallu kan nu taasisuudha. Bakka rakkoosaa sirriitti hubanneerra. Kanarratti waltajjii uummachuun taa'anii mari'achuufi kallattii waliikennuu barbaada.

Wanti na gammachiise fiigichi meetira kuma kudhaniifi maaraatoonii dubartootaati. Darbees hojii koreen keenya hojjechaa tures nuu

milkaa'uunsaa gammachuu natti uumeera. Ummanni keenya isa argatetti gammadee isa dhabetti dallanuu danda'a. Nuti garuu achi keessatti tokkummaan atileetotaa uumame nu gammachiiseera. Kun isa kana dura dhabnee turreedha.

**Bariisaa: Akka waliigalaatti atileetiksii biyyattii akkuma duraa sana tokkummaan atileetotaa deebi'ee ummannis waliin ta'ee ni agarra jettee abdattaa?**

**Komaandar Maarqos:** Kun abdii hunduma keenyaati. Manii keenyasi. Keessumaa dhaloota nu booda dhufuuf waan gaarii keenyee darbuu qabna. Kanaaf hamma achi keessa jirrutti kana deebisuu kaayyeffannee hojjenna. Wantoonni bu'uura qabsiifnu hedduun ni jiru. Kanaaf garuu hunduu irratti hirmaachuu qaba. Waltajjii ykn dirree malu bal'isuunis dirqama. Kaleessa waan qabnu, gidduutti waan dhabne, ammammoo deebi'uuf wanti abdii qabu waan jiruuf akka gabbatu taasisuuf tumsuu barbaachisa. Pirojektota maqumaaf jiran baay'ee

qabatamaadhaan akka jiraatan gochuu gaafata. Mootummaan maallaqaafi ogummaadhaan deeggaree, federeeshiniinis ittigaafatamasaa qixa sirriin ba'atee, abbootii qabeenyaafi ummannis nu cinaa dhaabannaan atileetiksii keenya bakka yaadneen ni geenya.

**Bariisaa: Dhumarratti ergaa waliigalaa yoo qabaatte carraan sii kenna.**

**Komaandar Maarqos:** Tole. Miidiyaan biyyattii guddina ispoortii keessatti shoora olaanaa qabaachuun beekamaadha. Kanaaf caalaatti irratti xiyyeeffatee, keessumaa fiigicha sadarkaa idiladdunyaatti ittiin beekamnu caalaatti olkaasuuf akkuma kanaan dura gahee olaanaa ba'ataa turan ammas hojjechuu qabu.

Waan irra geenye kunuunfachaafi jajjabeeffachaa deemuun nurra jiraata. Dargaggoonni keessumaa sarara kanarra jiran jabaatanii yoo hojjetan bakka guddaa waan ga'uu dandeenyuuf jabaadhaa jechuun barbaada.



BARIISAA



## Gadii bu'uun hirmaannaa atileetootaa Oromiyarraa maddanii xiyyeeffannaa cimaa barbaada

### Saamraawit Girmaatiin

**Finfinnee:** Seena Atileetiksii Itoophiyaa keessatti, atileetoonni Oromiyaa keessaa maddan qabxii olaanaa galmeesisuuf miidhagina waltajjii fiigichaa ta'uusaanii yaadannoo yeroo dhihooti. Kanaafis akka agarsisaatti, Abbabaa Biqilaa, Warquu Biqilaa, Maammoo Waldee, Daraartuu Tulluu, Geexee Waamii, Qananiisaa Baqqalaa, ijoollee Dibaabaa, Silashii Sihin, Maarqos Gannatii, Isheetuu Turaafi kanneen biroo hedduu kaasuun ni danda'ama.

Kun garuu wayita ammaa jijjiiramaa hirmaannaa atileetoota Oromiyarraa maddanii xiyyeeffannaa deemeera. Kanarratti jaalattoonni dinqisifattoonni ispoortii komii olaanaadha kan qaban. Nutis dhimma kanaaf kanneen atileetiksiin walqabatan biroorratti Pirezidaantii Atileetoota Itoophiyaafi Ittaana Walitti Qabaa Koree Tekinikii Federeeshinii Itoophiyaa Komaandar Maarqos Gannatii keessummaa keenya taasifannee turre.

Innis yaada Gaazexaa Bariisaafkenneen akka jedhetti, dhimmicha federeshinichi hubatee yeroo ittaanuutti xiyyeeffannaadhaan kan irratti hojjetudha. Oromiyaa keessaa atileetiksii qofa miti ispoortii baay'ensaa badaa jira. Ijoolleen carraaqqii

mataasaaniitiin dhufaa jiru malee godaa kaasee hojiin qixa sirriidhaan hojjetamee dhufaa jira jechuun hindanda'amu.

“Yeroo duraa kilaboonni gara 20 ta'an dhaabatanii turan. Yeroo murtaa'eeffis sochiin taasisaa turan ni jira. Sanaa booda garuu inuma bade. Wayita ammaa kilaboonni sunneen nama lama, sadii qabataniitudha maqaadhaaf jirra kan jedhan. Kan immoo sirriitti ittideemee hojjetaa jirus ni jira. Kanarratti hojiin hojjetamuu qabu waan hin hojjetamneef caalaatti hojii kan barbaaduudha” jedha.

Silaa haala taa'umsa, qilleensa, nyaataafi wantoota mijatoo qabaachuutiin Oromiyaa keessaa atileetoonni hedduu madduun akka irra ture kaasee, olompikiwwan kana dura darban keessatti meedaalistooni Itoophiyaa hedduun %95 ijoollee Oromiyarraa kan maddan ta'uu ibsa. Sun bu'uura guddaa ta'uun osoo irra jiruu, har'a sana dagachuun, qaamni dhimmisaa ilaallatu kana jijjiiruu dhiisuudhaan wanti amma mul'atu mudachuu dubbata.

“Kanarratti iyyinee dadhabnee dhiisne. Namoota kanneeniif ittidhihoo ta'aaniifi iddoo guguddaarra jiran gallee haasofsiiisnee sosochii guddaa hojjennee turre. Garuu nurratti gatuudhaan sadarkaa

kana qaqqabeera. Akka fakkeenyaatti waanin sii kaasu tokko, shaampiyoonaa Itoophiyaa baranaarratti Oromiyaan hamma hirmaachuu dhabuutti qaqqabee ture. Kana jechuun hammam akka namatti dhaga'amu yaadi. Gaafa guyyaan lama sadii hafuudha dhufanii kan hirmaatan. Haala amma jiruun sadarkaa dhumaarra ga'eera jechuun ni danda'ama” jedha.

Akka ibsa Komaandar Maarqositti, isa kanaaf sababoota kaasan addaddaa qabatanis, kan barbaachisu isa darbetti gaabbanii isa dhufurratti yoo hojjetan malee daran yaadessaadha. Atileetiksiin yeroo dheeraa waan barbaadu malee waan har'a hojjetame har'uma kan ittiin argatan waan hintaanee ammumaa godaa kaasanii irratti yoo hojjetanii fidan malee sadarkaa barbaadamuun ga'uun hindanda'amu. Wantoota dura turantu sadarkaa kufaatii atileetiksii Oromiyaa har'aa fide.

Akka waliigalaatti atileetiksii biyyattii akkuma duraa sana tokkummaan atileetoota deebi'ee ummannis waliin ta'ee arguun abdi nama hundaa ta'uu ibsee, keessumaa dhaloota booda dhufuuf waan gaarii ka'ani darbuu akka barbaachisu hima. Kanaaf garuu hunduu irratti hirmaachuufi waltajjii ykn dirree malu bal'isuunis dirqama ta'uu

(Suuri Barruhun Taaddasaatiin)



Komaandar Maarqos Gannatii

kaasa.

“Kaleessa waan qabnu, gidduutti waan dhabne, ammammoo deebi'uuf wanti abdi qabu waan jiruuf akka gabbatu taasisuuf tumsuu barbaachisa. Pirojektota maqumaaf jiran baay'ee qabatamaadhaan akka jiraatan gochuu gaafata. Mootummaan maallaqaafi ogummaadhaan deggaree, federeshiniinis ittigaafatamasaa qixa sirriin ba'atee, abbootii qabeenyaafi ummannis nu cinaa dhaabannaa atileetiksii keenya bakka yaaddeen ni geenya” jedha.

## “Injifannoon Budaapeestii argame qalbii hawaasa addunyaa kan hawwate ture”

- Gargaartuu Komishinaraa Daraartuu Tulluu

### Waasihun Takileetiin

**Finfinnee:** Jila Atileetiksii Itoophiyaa Haangarii Budaapeestitti injifannoo cululuqaa galmeessisaniif sirni beekamtiifi badhaasa kennuu Finfinnee hoteela Iskaaylaaytitti gaggeeffameera.

Injifannoo Budaapeestitti galmaheen meedaliyaan warqii, Meetiifi kan biroo kan argame yoo ta'u, injifannoon akka gareetti galmahe irra deebiin injifannoo galoo magariisaa ta'uu Pirezidaantiin Atileetiksii Itoophiyaa Gargaartuu Komishinaraa Daraartuu Tulluu sirna badhaasaafi beekamtii qophaa'erratti himteetti.

Miira xiiqqii jaalala biyyaa atileetoonni keenya hidhatanii manaa bahan bilchina tokkummaafi ga'umsaan waan deeggareef walduraa duuba hiriiruun injifannoo qalbii addunyaa hawwatu galmeessisuu danda'uullee kaasteetti.

Haaluma kanaan injifannoo atileetoonni galmeessisan daran olaanaa ta'uusaatiin akkaataa qabxii galmeessisaniin badhaasni qarshii kuma jaatamaa hanga kuma soddomaa kennameefiira.

Injifannoo Budaapeestitti galmahe hordofuun kanneen meedaaliyaa warqii argamsiisaniif qarshii kuma jaatama, meedaaliyaa meetiif qarshii kuma afurtama, nahaasa qarshii kuma soddoma badhaafamaniiru.

Ga'umsa atileetoonni keenya qabaniifi



dirree ispoortiirratti argamsiisan kan nama jajjabeessu waan ta'eef Yunivarsitii Saayinsii Ispoortii Haangaarii waliin ta'uun Atileetiksiifi Bulchiinsa Misooma Ispoortiin leenjii gaggabaabaa hanga Digirii lammaffatti carraan barnootaa akka kennamuuf waliigalteen mallattaahuus

Komishinar Daraartuun ibsiteetti.

Waliigaltichi Federeeshinichaaf murteessaadha kan jette Pirezidaantittiin fiigicha dheeraan ga'umsa atileetoonni keenya qaban dachaan kan gabbisu waan ta'eef carraa gaarii ta'uus ibsitee jirti.

Carraan kun injifannoo dabalataa Itoophiyaanoni argatan ta'uu kaasuun, fuulduratti immoo injifannoo kanaa ol galmeessisuudhaan alaabaa biyyattii addunyaarratti olkaasuuf kan hojjetamu ta'uu ibsiteetti.

Jijjiirama haala qilleensaa Budaapeestii isaan muudate dandamachuun injifannoon Atileetoonni keenyaa dhuunfaanis ta'e gareen galmeessisan kan isaan galateeffachiisu ta'uu kan himummoo Pirezidaantiin Ittaanaa Federeeshinichaa Atileet Gaazaa Abarraati, wal'aansoo atileetoonni Itoophiyaa taasisaniifi qabxii isaan galmeessisan kan isaan galateeffachiisu waan ta'eef badhaasichi yoo itti xiqqaate malee kan isaanitti guddatu akka hin taane ibsa. Kanamalees akka federeshinichaatti carraan barnootaafi waliigalteen mallattaa'e kan nama onnachiisu ta'uu dubbata.

Hooggansi federeshinichaa atileetota kana leenjisuurraa kaasee hanga injifannoo qaqqabaniitti duukaa bu'ee hojjetaa tures kan galateeffamu ta'uu eeree, fuuldurattis injifannoo Itoophiyaan atileetiksiin akka Addunyaatti galmeessisaa jirtu dachaan cimsuudhaaf hojii kana tumsuun barbaachisaa ta'uu dhaameera.

Sirna beekamtii kennuu kanarratti miseensota federeshinichaa, qaamota dhimmisaa ilaallatuufi qondaaltonni mootummaa Ministeera Aadaafi Ispoortii Obbo Qajeelaa Mardaasaa dabalatee sirnicharratti argamanii jiru.